**YUNIVARSITII MADDA WALABUU**

**KOLLEJJII SAAYIINSII HAWAASAAFI NAMOOMMATTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU**

**SAGANTAA DIGIRII 2^FFAA^**

# QACCEESSA AFWALALOO YEROO QONNAA SANGOOLEE FAARSUUFI NAMOOTA HOJIIF KAKAASUU: HAALA GODINA BAALEE AANAA SINAANAA

**QORATTUUN**

**MANDARIINAA AHMAD ABDOO**

**GORSAAN: Dr. BIRAHAANUU TAKLEE**

**FULBAANA, 2017/2024**

**ROBEE-BAALEE**

# QACCEESSA AFWALALOO YEROO QONNAA SANGOOLEE FAARSUUFI NAMOOTA HOJIIF KAKAASUU: HAALA GODINA BAALEE AANAA SINAANAA

**QORATTUUN: MANDAARIINAA AHMAD ABDOO**

**GORSAAN: Dr. BIRAHAANUU TAKLEE**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATU**

**YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU KOLLEJJII SAAYIINSII HAWAASAAFI NAMOOMMATTI MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU**

**FULBAANA, 2017/2024**

**ROBEE-BAALEE**

**YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU**

**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA BOODDEE**

**Waraqaan qorannaa ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitii ittiin guuttachuuf Mandariinaa Ahimad Abdoo, mataduree: Qaacceessa Afwalaloo Yeroo Qonnaa Sangoolee Faarsuufi Namoota Hojiif Kakaasuu: Haala Godina Baalee Aanaa Sinaanaa irratti qophaa'ee adeemsa barbaachisu guutee dhiyaatedha.**

**Koree Qormaataa**

**Qoraa Alaa ________________________Mallattoo __________Guyyaa _________**

**Qoraa Keessaa _____________________Mallaattoo _________ Guyyaa ________**

**Gorsaa ____________________________Mallattoo ___________ Guyyaa ________**

______________________________________________________________

**Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)**

## Ibsa Qorattuu

Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta’eefi kallattiidhaan mata duree kana irratti yuunivarsiitii kam keessattiyyuu qorannoon kun kan hingaggeeffamne ta’uu isaa mallattoo kootiin nan mirkaneessa. Wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee itti gargaarame hunda wabii keessatti kaa’een jira.

Maqaa: **Mandariinaa Ahmad Abdoo** Mallattoo _____________

Guyyaa __________________

Muummee __________________

# Galata

Qorannoo kana milkeessuuf deeggarsa barbaachisu kan naaf gochaa turan gorsaa koo Dr. Birhaanuu Taklee guddaan galateeffadha.

Dabalataanis, yeroo hunda yaadaafi yeroo isaa naaf kennuun akkan qorannoo kana fiixaan baafadhuuf deeggarsa gama hundaan kan naaf taasisaa abbaa manaa koo guddaan galateeffadha.

Akkasumas, Waajjira Adaafi Turiizimii aanaa Sinaanaafi maanguddootaa galmaan gahinsa qarannoo kanaa keessatti odeeffannoo barbaachisu naaf kennan hundaan galatooma jechuun barbaada.

# BAAFATA

Qabiyyee Fuula

Ibsa Qorattuu ............ i
Galata ............ ii
BAAFATA ............ ii
Axeeraraa ............ v
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA ............ 1
1.1. Seenduubee Qorannoo ............ 1
1.2. Ka'uumsa Qorannichaa ............ 3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ............ 5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ............ 5
1.3.2. Kaayyoo Gooree ............ 6
1.4. Gaaffilee Bu'uura Qorannichaa ............ 6
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ............ 6
1.6. Daangaa Qorannichaa ............ 6
1.7. Hanqina Qoranichaa ............ 7
1.8. Qindoomina Qorannichaa ............ 7
BOQONNAA LAMAA: SAKKATA'A BARRUULEE ............ 8
2.1. Yaad-rimee Fookiloorii ............ 8
2.1.1. Faayidaa Fookiloorii ............ 11
2.2. Maalummaa Ogafaanii ............ 11
2.2.1. Gosoota Ogafaanii ............ 12
2.2.2. Amaloota Ogafaanii ............ 13
2.3. Afoola ............ 14
2.4. Gooroowwan Afoolaa ............ 15
2.4.1. Seeneffamoota Afoolaa (Raagoowwan) ............ 15
2.5. Afwalaloo ............ 19
2.6. Faayidaa Afwalaoo ............ 25
2.7. Caacculee Afwalaloo ............ 25
2.8. Gosoota Afwalaloo ............ 26
2.9. Afwalaloo Faaruu ............ 27

2.10. Gosoota Afwalaloo Faaruu ........ 27
2.11. Faaruu Loonii ........ 28
2.12. Afwalaloo Yeroo Hojii Qonnaa ........ 28
2.13. Afwalaloo Hojii Daboo Qonnaa ........ 29
2.14. Akaakuwwan Afwalaloo Hojii Daboo Qonnaa ........ 30
2.14.1. Sirba Daboo Qonnaa ........ 31
2.14.2. Geerarsa Daboo ........ 31
2.14.3. Afwalaloo Eebbaa ........ 33
2.15. Yaaxxina Qorannichaa ........ 33
2.16. Yaad-hiiddama Qorannichaa ........ 34
2.14.1. Yaad-hiddama Tajaajilaa ........ 34
2.14.2. Yaad-hiddama Haalawaa ........ 35
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO ........ 36
3.1. Gosa Qorannichaa ........ 36
3.2. Mala Qorannichaa ........ 36
3.3. Saxaxa Qorannichaa ........ 36
3.4. Madda Ragaalee ........ 37
3.5. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 37
3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 37
3.6.1. Afgaaffii Banaa ........ 38
3.6.2. Marii Garee ........ 38
3.6.3. Daawwannaa ........ 38
3.7. Mala Qaacceessa Ragaalee ........ 39
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCEESSA RAGAALEE ........ 40
4.1. Seensa ........ 40
4.2. Afwalaloo Yeroo Qonnaa Sangoolee Faarsuu ........ 40
4.3. Afwalaloo Yeroo Qonnaa Namoota Hojiidhaaf Kakaasuu ........ 44
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 49
5.1. Cuunfaa ........ 49
5.2. Argannoo ........ 49
5.3. Yaboo ........ 50
WABIILEE ........ 51

Dabalee: Gaaffilee Afgaaffifi Marii Garee ........................................................................................ 54

# Axeerara

*Kaayyoon qorannoo kanaa afwalaloo yeroo hojii qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuu haala godina Baalee Aanaa Sinaanaa jiru xiinxaluudha. Kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala akkamtaatti dhimma kan bahame yoo ta'u, tooftaalee iddatteessu carraa alaatiin (tooftaa akkaayyootin) iddattoowwan fudhatamanii jiru. Haaluma kanaan, aanicha keessaai gandoota filatamanirraa namoonni afwalaloo yeroo hojii qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kaasuf dhimmi itti bahamu irratti muuxanoofi beekumsa gaha qaban jedhaman 10 afgaaffiidhaaf 12 immoo marii gareetif filatamanii jiru. Hirmaatota filatamanirraa meshaalee funaansa ragaalee, daawwannaa, mariigareefi afgaaffiidhaan odeeffannoon walitti qabamee jira. Odeeffannoo funaaname kanas ergaan isaa mala akamtaatin ragaaleen kallattii adda addaatin argaman wal bira qabuudhan xiinxalamee jira. Raga xiinxalamerraa hubachuun akkuma danda'ametti hawaasa Oromoo Aanaa Sinaanaa biratti gosootni afwalaloo yeroo qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakasuf oolan yeroo hojiin qonnaa gaggeeffamu keessa'uu yeroo namoonni gamtaadhan hojii qonnaa irratti boba'an sangoolee ittiin qottan sangoolee faarsuuf yookin namoota hojii qonnaa irratti hirmaatan hojiif kakaasuf dhimmi itti bahama. Kana malees, haala dhiyaannaa isaaniitiin hawaasicha biratti afwalaloon yeroo hojiin qonnaa gaggeeffamu bakka hojii qonnaa namoonni gamtaadhan yookin daboodhan hojjetanitti kan dhiyaatanidha. Dabalataanis, akkuma aragannoon qorannichaa agarsiisutti yeroo hojii qonnaa namoonni sangoolee isaanii faarsun alatti ergaa adda addaa dafarfachuuf afwalalootti fayyadamu. Isaanis, hojiif walkakaasuu, walonnachiisuufi hojicha irratti wal qeequu ta'uu bira gahamee jira. Waan kana ta'eef Waajjiri Aadaafi Turiiziimii afwalaloowwan yeroo qonnaa hawaasni dhimma itti bahu kaniin walitti qabuufi qorannoon akka deeggaramu gochuun dhaloota haaraaf akka darbu gochuun barbaachisaa ta'a. Kunis afwalaloowwan akkanaa kuniin osoo hindagatamin dhaalootaa dhalootatti akka darban gochuu keessatti toora olaanaa waan qabuufi. Kana malees, qorannoowwan biroo dhimma afwalaloo yeroo qonnaa namoonni sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuf itti fayyadaman kaniin irratti gadi faggeenyan gaggeefamuun ni barbaachisa.*

# BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ummanni hawaasa tokkoo aadaa, duudhaa, ilaalcha, falaasamaafi eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarfatu fookloorii mataasaa qabaachuun beekamaadha. Waan kana ta'eef, fookilooriin qabeenya uummanni aadaafi duudhaa mataa ofii kana dhaloota tokkoorraa gara dhalloota birootti ittii dabarfatu jechuun ni danda'ama. Akka haala qabatamaa hawaasa Oromoottillee hawaasichi fookloorii isaatiin beekumsa, ogummaa, ilaalcha, falaasama, sonaafi duudhaa isaa fookloorii isaatiin labata tokko irraa isa itti aanutti dabarfachaa kan tureefi ammas kan dhimma itti bahaa jiruudha (Dundes, 1965).

Fookiilooriin irra caalaa duudhaa hawaasatiin akka walqabatu hayyoonni ni ibsu. Fakkeenyaaf, Malaakneh (2009:8) "Social folk custome is a group interaction, observances, birth, rituals, initiations, marriage and burial ceremonies, secular and religious festival" jechuudhan fooklooriin hidhatama cimaa duudhaa haawaasaa waliin qabuu irratti walittii dhufeenya hawaasichaa, kabaja guyyaa dhalootaa, adeemsa raawwii fuudhaaf heerumaa, raawwii sirna awwaalchaa, kabaja ayyaanootaafi kkf ofkeessatti akka haammatu lafa kaa'ee jira. Dabalataanis, namoonni akka amma jiru kanatti barreefamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura fooklooriitti dhimma bahuudhan duudhaa isaanii kana walii dabarsaa akkasumas yaada ofii akka ibsachaa turan hayyuun kun ni ibsa. Haaluma walqabataa ta'een, Dundes (1965) yoo ibsu fooklooriin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireeynaa, heeraafi seera, safuufi falaasama walumaagalattii ilaalcha adunyaa keessa jiruufi qabu og-afaaniin dhalootaa dhalootattii akka dabarsuudha. Kanaafuu, fooklooriin calaqqee aadaafi duudhaa hawaasaa akka ta'e yaada hayyoota kanarraa hubachuun ni danda'ama. Haalli qabatamaan hawaasa Oromootillee kan kanarraa adda ta'ee miti.

Dameewwan fookiloorii haala kanaan hawaasni Oromoo aadaafi duudhaa isaa ittiin calaqqisisuufi dhalootarraa gara dhalootatti ittiin dabarsu keessaa afoolli bakka olaana qaba. Hawaasichi afoola ofiitti fayyadamuun aadaafi duudhaa ibsata akkasumas jechoota afaanitiin ergaa dabarfachuun wal barsiisa. Kallattiiwwan afoolaa haala kanaan dhimmi itti bahamu keessaa, akkuma xiyyeeffannoo qorannoo kanaatti, afwalaloon gahee olaanaa qaba.

Yaad-rimee afwalaloo haayyoonnifi qorattoonni haala adda addaatin ibsu. Finnegan (1976) akka jedhutti afwalaloon hawaasa barreessuufi dubbisuu hin dandeeyne yookiin danda'uuf walaloodhaan qindaa'ee afaaniin kan darbuufi icciitii jiruufi jireenyaa kan ofkeessaa qabu jedha. Bayyanaan (2016) gama isaatin afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee bifa walalootiin qindeeffamee kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufee hara'a gaheedha jechaa afwalaloon hawaasa tokko keessattuu yoo ilaalle yeroofi iddoo inni dhimma itti hin bahamin akka hin jirre ibsa.

Gara biraatin immoo, afwalaloo faayidaa inni hawaasa keessatti qabuun walqabsiisun kan ibsanillee jiru. Isa kana Okpewho (1992:31) akka armaan gadiitti ibsa:

> *Afwalaloon gochaawwan hawaasni akka waliigalaatti guyyaa guyyaan jireenya isaanii moo'achuu taasisaniidha. Waan kana ta'eef, namni gochaa gaarii hojjete ittiin jajjabeeffama. Akkasumas kan safuu hawaasaa cabse ittiin qeeqama. Kanaafuu afwalaaloon calaqqee jiruufi jireenya hawaasa tokkooti jechuun ni danda'ama.*

Akka yaada Finnegan (1970)ti immoo maalummaafi faaydaan afwalaloon tokkoo kan hubatamu yoomessaafi akkaataa itti fayyadama isaa keessati akka ta'efi biyyoota uummanni isaanii hundi oguma barreeffamaa hin gonfanne keessatti akkaataa jireeny isaaniitiin dhimmi ittiin bahamuudha.

Yaada kana cimsuudhan, Fedhasaan (2013) "Afwalaloon kalaqa sammuu ilma namaa dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenyaa akkasumas dhageettii keessoo isaa afaaniin kanibsatu" jedhu. Kanaafuu, afwalaloon namoota barataniinis ta'ee kanneen hinbaranneen dhiyaachuu kan dada'uufi namootni hundinuu haala walqixa ta'een ergaa dabarfachuuf kan dhimma itti bahuu danda'an ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Akkuma yaada hayyootaa kan armaan olii irraa hubachuun danda'amutti afwalaloon bakka yookin haala barreeffamaan ergaa dabarfamuu qabu dabarsuun hindanda'amne keessatti kan dhimmi itti bahamuufi yoomessa mataa ofii kan qabuudha..

Akkuma beekkamu hawaasni Oromoo aadaa waliin jireenyaa kan gara garaa qaba. Kaniin keessaa hojii walgargaarsaa kan akka daadoo, jigii, afooshaa, guuzaafi k.k.f. kaasuun nidanda'ama. Waan kana ta'eef, hawaasa Oromoo biratti hojiin gamtaa keessatti afwalaloo adda

addaatti dhimma bahuun beekamaadha. Kana malees afwalaloonadda addaa bakka hojiin garaagaraa itti hojjataman, bakka sirni amantii fi sirni gaa'ilaa itti adeemsifamutti qixaanitti dhimma bahama. Hojiiwwan hawaasni Oromoo afwalaloo keessatti gargaaramu keessaa inni tokkoo yeroo qonnaa yoo ta’u sangoolee faarsuufi namoota hojiidha kakaasuuf afwalaloon dhimma itt bahama. Yeroo qonnaa namoonni hojii qonnaa dalagamaa jiru sana kaka’uumsan raawwachuuf jecha haala ergaa barbaadame dabarsuu danda’uun afwalalootti dhimma bahu. Kunis, sangoota faarsuuf yookin namoonni akka hojiirraa duubatti hinharkifanne afwalaloo gargaaramuun akka hojirratti kaka’uumsa argatan taasisu.

Yaada kana ilaalchisuun Seefuu (2008) akka jedhutti hwaasa Oromoo birratti afawalaloon dhimmota adda addaatif dhimmi itti bahama. Isaan keessaa inni tokkoo hojii qonnaatti. Yeroo qonnaa kanas haalota ergaan barbaachisa ta’e tokkoo ittiin darbu keessaa inni tokkoo afwalaloodha. Dabalataanis, akka Seenessaa (2020) ibsetti hawaasa Oromoo birratti hojiin qonnaa dhuunfaanis ta’ee gamtaadhan niraawwatama; yeroo kamiyyuu haa ta’u namoonni hojii qonnaa irratti hirmaatan hojii isaanii irratti kaka’uumsa argatanii galma barbaadamu bira gahuuf malli itti dhimma bahan tokkoo afwalaloodha.

Qorannon kunis kan barbaachiseef hawaasa Oromoo biratti dhimmoota jiruufi jireenya isaanii keessatti karaa al-idileen miireffannaaleefi quuqama yaada isaanii afwalaloon kan ibsatan waanta'eef hawaasichi yeroo hojii qonnaa sirboota achitti sirbaman haala galumsa aadaa hawaasaa keessatti xinxaluudha. Kanaafuu, akkuma milkaa'ina hojiif dhangaan nyaataaf dhugaatii barbaachisaa ta'e afwalaloonis gahee olaanaa waan qabuuf hawaasa Oromoo biratti afwalaloon yeroo hojii qonnaa ergaa dabarsuuf akkamitti akka dhimma itti bahamu xiinxaluufi sonoota hawaasaa achi keessatti mul’atan ibsuudha.

## 1.2. Ka’uumsa Qorannichaa

Hawaasa gara garaa keessatti namoonni yaada isaanii kan ittiin ibsataniifi ergaa ittii dabarfatan haala adda addaa qabu. Haalota namoonni hawaasa tokkoo keessatti yeroo gara garaa yaada ofii ittiin ibsataniifi ergaa ittiin dabarfatan keessaa tokkoo afwalaloodha. Hawaasa Oromoo birattillee dhimmoota gara garaa keessatti afwalalootti dhimma bahuun beekkamaadha. Haata’u malee, sababoota adda addaatirra kan ka’e itti fayyadamni afwalaloo yeroodha gara yerootti xiiqqaachaa deemuun isaa beekkamaadha. Yaada kanaan walqabsiisuudhaan hayyuun Sumner (1996) jedhamu yaada armaan gadiiti kennu:

*Afwalaloon kan akka weedduu dagatamaa kan dhufuuf sababa kan ta'e dhaloonni haaraan akka boodatti hafummaatti waan ilaaluuf sirboota aadaa faaruuwwan amantii bakka buusaa deemaa dhufuu isaati. Fakkenyaaf afwalaloowwaan amntiileen ambaa (Pirotestaantii, Ortodoksiifi Muusiliimni heddumminaan bakka jiranitti dhimma bahamaniif haalli afwalaloo duudhaa gargaaramun nama si'eessuufi kaka'umsa hojii namatti horuun bu'aa qabeessa nama taasisu xiqqaachaa dhufeera.*

Yaaduma walfakkaata ta'een Dirribii (2015) Amantii Islaamaatiinis afwalaloon oromoo kan jajjabeeffamu osoo hin taane akka haraamaatti ilaalamuu irraan kan ka'e akka duubatti harkifatu taasiseera.Amantiin Islaamaa jaarraa 16ffaaakkuma babal'achaa dhufeen aadaan, amantiin Waaqeffannaa, faaruuwwan aadaafi sirboonni garaagaraa akka haraamaatti ilaalamuu irraa kan ka'e sirboonni duudhaafi aadaa Oromoo akka badaa adeemu taasise" jechuudhan ibsa.

Haata'u malee, hawaasa Oromoo biratti afwalaloon faayidaa olaanaa qaba. Hawaasni Oromoo yeroo dhimmoonni adda addaa raawwataman ergaa barbaachisa ta'e dabarfachuuf jecha afwalalootti dhimma baha. Fakkeenyaaf, yeroo hojii, duulaa, raawwii amantaalee gara garaafi kkf keessatti afwalaloo fayyadamuudhan ergaa dabarfata, nama bashanansiisa, hojiirratti hamilee walii kenna. Haaluma walfakkaata ta'een yeroo qonnaa afwalalootti dhimma bahuun hawaasa kana birratti beekkamaadha. Waan kana ta'eef faayidaa afwalaloon hawaasa Oromoo qabu kana qorannoodhan deeggaruun ifa baasuufi dhalootaa itti aanuuf lafa kaahuun qorattuu kanaatif ka'uumsa tokkoo ta'ee jira.

Ka'uumsi dabalataa qorannoo kanaa dhimma qorannoowwan biyya keessaatin hintuqamin bira gahuudha. Akka biyya keenyatti qorannoowwan bakkaafi yeroo adda addaa afwalaloo irratti gaggeeffaman nijiru. Fakkeenyaaf, Alamaayyoon (2022) "Xiinxala Ergaa Afwalaloo Faaruu Loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos" qoratee ture. Kaayyoon qorannoo kanaas, maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruuloonii kana keessatti dhiyaatan irraa ka'uun ergaa faaruu kanaa xiinxaluu ta'a.Qorannoon kun mala akkamtaatti dhimma kan bahame yoo ta'u, tooftaalee iddatteessu carraa alaatiin iddattoon fudhatamee jira. Meshaalee funaansa ragaalee, daawwannaa, mariigareefi afgaaffiidhaan odeeffannoon walitti qabamee jira.

Gara biraatin immoo Tashooman (2021) mata duree "Xiinxala Afwalaloo Sirba Wadaajii Oromoo Salaalee Aanaa Hidhabuu Abootee" jedhu irratti qorannoo gaggeesseera. Ka'uumsi

qorannoo kanaa inni ijoon afwalaloon sirba wadaajii yeroo ammaa kana dagatamuu, bifa barreeffamaatiin olkaawwamee dhabamuu, bifa qorannootin hawaasaaf bahee mul'achuu dhiisuu fa'aan qorataa kana akka madda rakkootti qorannoo kanaaf karaa baneera. Kaayyoowwan kunneen galamaan gahuufis qorataan kitaabilee waa'ee afawalaloo sirba wadaajiin wal qabatan sakatta'amaniiru. Askeessattis odeeffannoowwan madda ragaa 1ffaafi 2ffaa kallattii maraan kan fayyadamame yoo ta'u, madda raga 1ffaa mala iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaan qaacceffamuuf kan filatameedha. Udeeffannoo madda raga 1ffaa irraa funaanuuf daawwannaafi bifa afgaaffiitiin hojiirra kan oolan ta'ee, odeeffannoowwan tooftaalee kanaan walitti qabaman tooftaa qorannoo akkamtaan yookan ibsaan qaacceffamaniiru.

Akkasumas, Shumee (2015) qorannoo firiiwwan afwalaloo fuudhaafi heerumaa keessaa qabiyyee arrabsoo naqatanii fuudhaafi heerumaa aanaa Amuruu irratti xiyyeeffate kan hojjete yoo ta'u Olaanii Gannatii (2019) mata duree "Qaaccessa Afwalaloo Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heeruma Oromoo Godina Gujii, Aanaa Gooroo Doolaa" jedhu irratti sagantaa MA tiif Yuunivarsiitii Arsiitti hojjete. Xiyyeeffannoon isaa haala raawwii, loogaafi qabiyyeen garaagara. Akkasumas, afwalaloo weedduu arrabsoo fuudhaafi heeruma Oromoo Gujii aanaa Gooroo Doolaa irratti kan xiyyeeffatedha.

Qorannoowwan armaan olitti tuqaman kuniin dhimmoota adda addaa kan afwalaloon walqabatan irratti kan raawwataman ta'uun isaanii hanga tokkoo qorannoo kanaan isaan walfakkeesa. Garuu, hundumti isaanitu dhimma xiinxala Afwalaloo Yeroo Qonnaa Sangoolee Faarsuufi Namoota Hojiif Kakaasuu kan xuqanii miti. Waan kana ta'eef, dhimmi qorannoowwan kuniin bira hingahin waan jiruuf qaawwi cufamuu qabu ni mul'ata. Kanaafuu, bakka qorannoowwan kuniin hintuqin bira gahuuf qorannoon kuun "Qaacessa Afwalaloo Yeroo Qonnaa Sangoolee Faarsuufi Namoota Hojiif Kakaasuu" jedhu irratti gaggeeffamera.

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa afwalaloo yeroo hojii qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuu keessatti hawaasni Oromoo itti fayyadamu qaacessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

a. Afwalaloowwan yeroo qonnaa dhiyaatan kan akkamii akka ta'an adda baasuu.

b. Qabiyyeewanifi ergaawwana afwalaloo yeroo qonnaa maal akka ta'an addeessuu.

c. Fayidaan afwalaloon yeroo qonnaa dhimma itti bahamu qabu ibsuu.

## 1.4. Gaaffilee Bu'uura Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti gaaffilee bu'uuraa armaan gadiitif deebii kennuuf yaalameera.

1. Afwalaloowwan yeroo qonnaa dhiyaatan kan akkamiiti?
2. Qabiyyeewanifi ergaawwan afwalaloo yeroo qonnaa maal fa'a?
3. Afwalaloo yeroo qonnaa dhimma itti bahamu faayidaan isaa maali?

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun yoo geggeeffame qaamolee adda addaaf akka fayyadaa qabu amanama. Afwalaloon yeroo qonnaa hawaasni Oromoo dhimma itti bahu hamilee hojii, madda bashannanaafi bowaartidhaaf faayidaa guddaa qaba. Kanamalees, afawalaloowwan kuniin seenaa, duudhaafi aadaa hawaasichaa baatee dhaloota haaraaf dabarsuuf garagaara. Kanaafuu, qorannoon kun faayidaalee armaan gadii qabaachuu danda'a.

- Namoota mata duree kana fakkaatu irratti qorannoo bal'aa adeemsisuu barbaadaniif karaa ni qabsiisa.
- Maneen barnoota keessatti barsiisonnii fi barattoonni akkuma walii galaatti wa'ee afwalaloo keessaa'uu faayidaa afwalaloo yeroo hojii qonnaa hubachuuf nigargaara.
- Akkasumas waajjirri Aadaa fi Tuurizimii argannoo qorannichaatti dhimma bahuun gaheewwan afwalaloo yeroo qonnaa adda baasuu irratti akka hojjetaniif karaa ni saaqa.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Afoolli dameewwan gara garaa of keessatti qabata. Waan kana ta'eef, dameewwan afoolaa hunda isaanii bakka tokkotti walitti qaban qorachuun rakkisaa ta'a. Kanaafuu, qorannoo akanaa kaniin qabiyyeefi bakkaan dangessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorannoon kun qabiyyeedhan (kallatti xiyyeeffannaatin) afwalaloo yeroo qonnaa dhimma itti bahamu irratti kan xiyyeefatu yoo ta'u irra caalaa qaacceessa afwalaloo sangoolee faarsuufi namoota hojiif

kakaasuu oolan irratti daangeeffamee jira. Dabalataanis, daangaan bakka qorannichaas hawaasa Oromoo godina Baalee aanaa Sinaanaa keessa jiraatan irratti xiyyeeffateera.

## 1.7. Hanqina Qoranichaa

Akkuma qorannoowwan biroo qorannoo kana gaggeessuu keessatti rakkooleen tokko tokko namudataniiru. Inni jalqabaa Afaan Oromoo afaan barnootaa, afaan qorannoofi qo’annoo sadarkaalee garaa garaatti, keessumaayuu, sadarkaa digrii lammataafi digirii sadaffaatti kennamuu kan eegale yeroo dhiyootii asidha. Waan kana ta’eef, mata duree kanaan walqabatee qorannoowwan aantee argachuun rakkisaadha. Akkasumas, kitaaboleen Afaan Oromootiin barreeffaman bal’inaan argachuun rakkisaa ture. Kun immoo qorannoo haaraa gama afaanichaan gaggeessuuf meeshaalee deeggersaa, kitaabilee sakatta’a barruuf oolan bal’inaan dhabuun qaaccessa gadi faagoo gaggeessuuf rakkoo cimaa ture. Gara biraatin immoo yeroo funaasa ragaalee odhimtoonni tokko tokkoo raga kennuudhaaf fedhii dhabuun rakkoo dabalataati.

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoo kun boqonnaa shan ofkeessatti qabata. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seenduubee, ka’umsa, gaaffilee, kaayyoo, daangaa, hanqinafi barbaachisummaa qorannichaatu dhiyaata. Boqonnaa lammaffaan sakatta’a barruu yommuu ta’uu; yaadoonni kitaabotaafi qorannoowwan tanaan dura mata duree kanaan haala walqabata ta’een gaggeeffaman keessaa sakata’aman ni dhiyaatu. Boqonnaa sadaffaa keessatti mala qorannichaatu dhiyaata. Kanaafuu, mala qorannoo hojjiirra oolu, maddi odeeffannoo, meeshaaleen funaansa ragaalee, adeemsi funaansa ragaafi malli qaaccessa raga boqonnaa kana keessatti ni dhiyaatu. Boqonnaan afur xinxaala ragaalee argamanii kan dhiyyeessu yoo ta’u boqonnaan xummuraa argannoo, cuunfafi yaboodha.

# BOQONNAA LAMAA: SAKKATA'A BARRUULEE

## 2.1. Yaad-rimee Fookiloorii

Sabni tokko aadaa, afaan, seenaa, duudhaafi hambaalee qabu fayyadamee eenyummaa ofii isaa ni'ibsata. Uummatni Oromoos, uummata aadaa, afaan, duudhaa, amantii, seenaafi falaasama mataa isaa qabuudha. Kun immoo eenyummaafi haala siyaasa diinagdee Oromoo kan calaqqisiisuudha. Yaaduma kana Dirribii, (2012) yoo ibsu, "Amantaa, seenaafi aadaan uummata tokkoo walqabatanii eenyummaa uummata sanaa waan ibsaniif siyaasaafi diinagdee uummata sanaa guddisuu irratti gahee guddaa qaba,"jedha.

Maalummaa fookloorii ilaalchisee yaadni murtaa'aan irratti walii galame tokko dhabamus uumama maqichaa, kallattii xiyyeeffannoofi maal maal akka of keessatti hammatuun ibsuun nidanda'ama. Kanas yaada hayyoonni barreessan sakatta'uun ta'a. Dorson (1972) akka kaa'etti, "Folklore is one of the significant aspects of the cultural and traditional wisdom of a people." Yaada kanarraa akkuma hubannu, fooklooriin qaama aadaafi beekumsa uummataati.

Uummatni kamuu beekumsa jiruufi jireenya isaa keessatti ittiin jiraatu qaba. Jechi 'Folklore' jedhu jechoota Afaan Ingilizii 'Folk' fi 'lore' jedhaman irraa kan uummame yommuu ta'u, 'Folk' jechuun murna ykn garee hawaasaa jechuudha. Allan Dundes (1965) jecha 'folk' jedhu yoo ibsu, "The term "folk" share at least one common factor with a group. It does not matter what the linking factor is…it could be a common occupation, language or religion, but what is important is that a group formed for whatever reason will have some traditions which it calls its own," jedha. Kana jechuun, murna ykn garee hawaasaa (folk) kan jennu kun hawaasa haala jireenyaa (hojii walfakkaataa), afaaniifi amantii walfakkaatu qaban ta'uu akka danda'u haa ta'u malee, murna (folk) jedhamuuf waan waliin qooddatan qabaachuun murteessaadha. Kana malees, Oring E. (1986) akka ibsitutti, "Folk can refers to any group of people what so ever who share at least one common factor. The common factors create a sense of collective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a folk" jetti.

Akkuma yaada kanarraa hubachuu dandeenyutti, jechi 'Folk' jedhu kun garee hawaasaa kamuu yoo xiqqaate jiruufi jireenya keessatti waan waliin qooddatan tokko kan qaban kan ibsudha. Wanti waliin qooddatan sun eenyummaa waliinii akka qabaatan kan taasisudha jechuudha. 'Lore' jechuun immoo beekumsa, muuxannoofi achii-asdhuftee jechuu yoo ta'u, 'Folklore'

jechuun beekumsa/muuxannoo/achii-asdhuftee garee hawaasaa tokko jechuudha. Beekumsa uummataa jechuudha.

Akka Dundes (1965) jedhutti "Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The material culture comprises architecture and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles". Akka yaada kanarraa hubannutti, fookilooriin aadaa hawaasummaa, aadaa qabatamaafi afoola (og-afaan) kan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, aadaan hawaasummaa kunis agarsiisawwan aadaa, shubbisawwaniifi raawwilee amantii hammata. Aadaa qabatamaa kan jedhamu immoo bocawwan ijaarsa adda addaa, aartiifi meeshaalee mana keessaa kan dhuunfatu. Afoolli faaruulee, durduriiwwan, afseenaawwan, mammaaksotaafi hiibboowwan kan hammatu akka ta'e ibsa.

Finnegan (1992) akka ibsutti, "Folklore is the traditional beliefs and customs of a community passed on by word of mouth," jedha. Akkuma yaada kanarraa hubannu,fooklooriin achii asdhuftee amantaafi duudhaa hawaasaa dubbii afaaniitiin daddarbuudha. Akkasumas Oring (1986) qabiyyeewwan fookiloorii durdurii, raagamtaa, sheekkoo, baacoo, mammaaksa, cooka, hiibboo, eebba, abaarsaafi kkf qabata. Akka yaadolee kanaatti fookilooriin beekumsa kalaqaa afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha. Dhalli namaa durii kaasee yaada, seenaa, aadaa, eenyummaa, falaasamafi wkf afoolaan ibsachaa ture. Yaada kana Asafaa, (2009:20) yoo ibsu, "Ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabin dura ogafaan (Oral Literature) ykn afoolaan (Foklore) ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa ture," jedha.

Fookilooriif yeroo garagaraatti hiikni garagaraa laatameefiira. Haaluma kanaan Sims fi Stephen (2005) "Folklore is that art form comprising various types of stories. Proverbs, saying, spells, songs, incantations, and ather formulas. Which employs spoken language as its medium" jechuudhan ibsu. Kunis fookilooriin artii ta'ee wantoota akka oduu durii, mammaaksa, jechamoota, sirboota, qoricha adda addaafi kan kana fakkaatan kan hammatuufi afaaniin kan daddarbu ta'uu hubachiisa. Itti dabaluudhanis, hayyoonni kuniin fookilooriin karaa alidileetiin waa'ee addunyaa mataa ofii, hawaasichaa, amantii, aadaa, duudhaa ofii, jechuun muuziqaa gochaan, barsiifataan beekkumsa waliin baratamu akka ta'e ibsu.

Gara biraatin immoo Fennegan (1992) fookilooriin falaasama aadaa hawaasummaa eenyummaa garee hawaasaa waliin jiraatanii barsiifata ummatichaa irratti xiyyeeffachuun kan dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti ogumaan, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, ogummaa harkaafi aartiiwwaan biroon kan ta'uu isaa eeru.

Akka Dastaan (2011) ibsutti fookiloorii ilaalchisuun namoonni adda addaa hiika adda addaa akka kennaa turaniidha. Hiika gara garaa kennuu namootaa kanaafis sababootni adda addaa akka dhiyaatu ta'e sanniin keessaa muraasni: namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha garaa garaa qabaachuu isaanii, yaadarimee isaa rakkisaafi ulfaataa ta'uu isaa, hiikkaaleen amma ammaatti kennamaniif adda adda akka ta'eedha.

Fakkeenyaaf, Finnegan (1992) fookilooriin saayinsii gooroowwan kan akka aadaa, amantii, barsiifataa, gochoota, mammaaksa, jechamoota, sirbaafi kanneen kana fakkaatan kan addaan baasuudha yoo jedhan Georges fi Jones (1995) immoo fookilooriin hubannoo hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadan osoo homaa hindhoksin afaaniin ifa baasee agarsiisa jedhan. Dabalataanis, Melakne (2006) “Every group bound together or by common interest and purposes weather educated or uneducated rural or urban, possessed abucy of tradition which may be called it folklore” jechuudhan maalumma fookiloorii ibsa.

Akka hiikkaawwan fookiloorii armaan olitti kennamanirraa hubatamutti fookiloorii jechuun garee hawaasaa amala wal isaan fakkeessu qaban kan barates ta'ee kan hinbaratin, kan baadiyaas ta'ee kan magaalaa kan walitti isaan hidhu jechuudha. Kana jechuun hawaasni kamiiyyuu waan wal isaan fakkeessu kan qabaniifi hawaasni barateefi hinbaratin akkasumas, magaalaafi baadiyaa kan hindaangefamnedha. Walumaagalatti, maalummaa fookiloorii ilaalchisee yaada hayyoota armaan olii irraa kan hubatamuu danda'u fooklioori in beekkumsaafi amantaa aadaa hawaasichaa afaaniifi gochaan dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi kan darbaa jiru fuldurattis kan darbu dame aadaa saba tokkoo ta'uu isaati.

Firiiwwan fookloorii garmalee baay'ee ta'an akaakuu akaakuudhaan toora qabachiisuuf, Richard Dorson (1972:3) gooroowwan gurguddoo fookloorii bakka afuritti qooda. Isaanis: Afoola (Oral literature), Duudhaa Hawaasaa (Folk Custom), Meeshaa Aadaa (Material Culture)fi Aartii Sochii Hawaasaa (Performing Folk Art) jedhamu. Fooklooriin Oromoo gooroowwan gurguddoo arfan hammachuu  Green (1997:24) yoo ibsu,  “The Oromo folklore embraces all forms and genres of

folklore denoted by Dorson's (1972) classifications of folklore and folk life studies, namely oral folklore (oral literature), social folk customs, material culture, and performing folk arts, " jedha. Gooroowwan fookloorii kanneen akka: wantoota (meeshaalee) aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii sochii hawaasaafi afoola/ogafaan warra jedhamanidha. Haata'u malee, fooklooriin baay'inaan afoolarratti kan xiyyeeffatudha. Garuu afoola qofa akka hintaane hubachuu gaafata. Kana jechuun afoolli hundi fookloorii ta'uu danda'a; fooklooriin hundi garuu afoola jechuu hindandeenyu. Yaada kana gooroowwan fookloorii hayyoonni akkaataa armaan oliitti qoqqoodan kana waliin walqabsiifnee hubachuu dandeenya.

### 2.1.1. Faayidaa Fookiloorii

Hayyoonni adda addaa faayidaa fookiloorin qabu haala gara garaatin ibsu. Fakkeenyaaf, Sims fi Stephen (2005) "Folklore is a sphere of interaction, needs and desires, and artistic expression with its own structures and aesthetics," jechuun ibsa. Akkasumas, Dundes (1965) faayidaalee fookloorii iddoo afuritti qoodee ibsa. Isaanis, bashannansiisuu, abbaa himus kan dhaga'us lamaanuu bashannansiisa. Seeneeffamoonni adda addaa kan himaman hojiin booda yeroo namni boqatuudha. Lammaffaan, aadaa dhugoomsuu, hawaasa keessatti wanti godhamu hunduu ka'umsa qaba. Sadaffaa, ni barsiisa. Fookloorii hedduun hawaasa umriin hin bilchaanne naamusa, duudhaa, amanataa, barmaatilee ittiin barsiisuuf tajaajila. Arfaffaa, aadaa eegee ni tursiisa. Dhaloota moofarraa gara haaraatti daddarbaa yeroo deemu duudhaaleen hawaasaa fudhatamummaa argatan akka eegamanii turan gochuuf maatiin yookiin manni barumsaa gahee guddaa qaban.

## 2.2. Maalummaa Ogafaanii

Ogafaan gosoota fookiloorii keessaa isa tokkoo ta'ee seenaafi eenyummaa hawaasaa himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darbudha. Akkasumas, ilaalchaafi falaasama hawaasaa dhaloota haaraaf beeksiisuufi barsiisuun akka riqichaatti tajaajila. Artiin jechaa aadaafi duudhaa hawaasaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu kan akka sirba aadaa ofkeessatti hammata (Dorson 1972). Haaluma walfakkaata ta'een hayyuun kun waa'ee ogafaanii "Oral literature is the heart of a people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people's values, it expresses a given society's world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is propelle" jechuudhan ibsa

Akka yaada kanaatti ogafaan haala jireenya hawaasa tokkoof murteessuufi kuufama beekumsaa kan hawaasa fuula duratti fuudhee deemu ta'uu isaa hubanna. Karaa biraa ogafaan afaaniin kan dubbatamu, kan sirbamu akkasumas unka sagalee kan irra deddeebi'amuun waljalaa qabuun kan raawwatamuudha.

Itti dabaluunis, George fi Jones (1995) "Under the rubic (oral literature) folk spoken, song, and voiced forms of traditional utterance that shows repetitive patterns" jechuudhan yaada kennu. Ergaa kana irraa kan hubatamu ogafaan duudhaan hawaasaa sirbaafi jechoota sagaleeffamaniin kan dhiyaatu ta'uu isaa agarsiisa. Aadaaleen afaaniin darban, dhalootaa dhalootatti ce'aniifi ummata tokkoof ka'umsa ogummaa barreeffamaa kan ta'e jechuudha. Kanneen akka seenaa afaaniin darbuu, ogafaan, mammaaksa, walaloowwan adda addaa of keessatti qabata.

Ogafaan jiruu addunyaa kanaa kan ittiin ilaallu, haala jiruufi jireenyaa, hundaaf akkaataa jireenya dhala namaa hunda ilaala jedha (Dundes 1965). Yaaduma kana Asaffaan (2009) "Akkuma daawwitii keessatti of ilaallu kan faana jiru deebisee calaqqisuu gochuu osoo hintaane akka ofilaalee cabaa fuula tolchuu isa ta'es isa hinta'inis mul'isuu ta'a," jechuun ibsa. Gama biraatiin Finnegan (1992) "oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product" jedhu.

Kanaafuu, ogafaan aadaa, duudhaafi safuu hawaasa tokkoo labata tokko irraa labata itti aanutti afaaniin daddarbaa kan dhufe, darbaa kan jiru. Akkasumas, fuuladurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti.

Walumaagalatti, ogafaan Waan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti gargaaramee kalaqe waan ta'eef eenyummaa hawaasichaatiif hiika kennuurraa duubatti hindeebi'u. Akkasumas, ogafaan aadaa, seenaafi duudhaa hawaasa tokkoo gaddaafi gammachuu, jibbaafi jalaala akkasumas, hammeenyaafi marartee, badiifi badhaadha hawaasa keessatti mul'atan dhalootaa dhalootatti kan dabarsu jechuun ni danda'ama.

### 2.2.1. Gosoota Ogafaanii

Ogafaan gosa heddu qaba. Heddumina isaa irraa kan ka'e bakka tokkotti qoratanii waliin gahuun rakkisaadha. Kanaafuu Ogafaan qorachuuf gosa gosaan qooduun barbaachisadha. Haata'u malee hayyoonni qoqqoodinsa Ogafaanii irratti yaada garagaraa dhiyeessu. Ogafaan dimshaashumatti

karaa lamaan ilaallamuu kan danda'amu yoo ta'u, Inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan yookin hololaan kan darban, inni lammataa immoo bifa walaloofi yedaloodhaan dhiyaachuu kan danda'uudha (Finnegan, 1970). Ogafaan afrikaa bifa muuziqaafi do'iin gosoota fookilorii raawwii jala galan jechuun bakka saditti kan hiru yoo ta'u, sirbootaafi jechamoota (songs and chants) raagoo(oral narratives)fi kanneen cimina sammuu mul'isaniidha.

Yaada armaan oliirraa hubachuun danda'ametti Ogafaan gosa gurguddoo lama hammachuu danda'a. Isaanis:afwalaloofi afseenaa akka raagamtaa, afseenaa durdurii yoo ta'u, afwalaloon, immoo bifa muuziqaa qabatee afaaniin kan daddarbu ta'uu isaati. Akka Dabalataanis, Finnegan (1970) yaaduma kana ilaalchistee "Ogafaan walumaagalatti, karaa lamaan ilaallamuu kan danda'amu yoo ta'u inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan kan darbaniifi lammaffaa immoo bifa afwalaloon kan dhiyaatu" jetti. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu Ogafaan gosa gurguddoo lama kan qabu ta'uu isaati. Isaanis, Afwalaloofi Afseenaadha. Gosoota Ogafaanii armaan oliitti tarreeffaman bu'uureffachuun gosa Ogafaanii bifa afwalaloon mul'atan keessaa afwalaloo waltajjii hawaasummaa irratti dhiyaata; afwalaloon sirba tartarii iddoo gaa'elaatti dhiyaata.

## 2.2.2. Amaloota Ogafaanii

Sims fi Stephen (2005) "The characteristics of oral literature is carried by memory and delivered by word of mouth. The performance may introduce variation" jechuudhan amala ogafaan qabu ibsa. Yaada kanarraa akka hubatamutti, amalootni ogafaanii akkaataa yaadannoo wantoota darbaniin haawwatamee karaa afaaniitiin dhiyaata. Haalli raawwii isaas garaagarummaa sagaleessuu, caasaa yookin qabiyyee isaatiin ibsama jedha. Lufummaan haala ogafaan dhalootaa dhalootatti darbuun kan walqabatuudha

Dabalataanis, Asafaa (2009) "Ogafaan bara kalaqamee eegalee hanga har'aatti osoo daddarbuu har'a gahee jira, dhaloota dhufuttis haaluma walfakkaatuun lufa" jedha. Yaadrimee kanarraa kan hubannu ogafaan ummatummaan uumamee ummata yeroo sana qofa tajaajilee kan hin dhaabbanneefi gara dhaloota itti aanutti kan darbu ta'uu isaati. Ummatummaa keessatti yoo ilaalamu, ogafaan akka ogbarruu garaagaraatti kan nama kamiiti jechuun hindanda'amu.

Amaloota ogafanii keessaa inni tokko hurruubummaa dha. Finnegan (1970) akka ibsitutti, hurruubummaan amaloota ogafaanii keessaa isa hangafa ta'ee kaayyoo raawwii ogafaanichaa

sirritti beekuuf sagaleen wanta lufu caalaa haala jamaan miira isaanii sochoosaanii agarsiisan walfaana ilaalamuu qaba jechuun ibsitti.

Yaada walqabata ta'een, Finnegan (1970) akkanatti ibsu:

> *Ogafaan qaama caasaa aadaati. Seera raawwiifi walmakaa mataa isaa qaba. Kun immoo argannoofi xiinxalaaf kan isa saaxilu. Yoomessi haqaan qindeeffama ogafaan danuu jiran hunda osoo ilaalamee, martinuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan ofii isaa niqaba.*

Kana jechuun agafaan gosoota gara garaa qaba. Gosoota isaa kanas yeroofi bakka itti raawwatu qaba. Fakkeenyyaaf sirba fuudhaa heerumaa yeroon isaa gaafa chidhaa, bakki isaa immoo mana chidhaatti geeggeeffama jechuudha.

## 2.3. Afoola

Afoolli bara 1946 yeroo jalqabaaf moggaasa maqaa 'Folklore' jedhu haa argatuyyuu malee, maqaalee gara garaatiin bara eerame kana dura qoratamaa akka ture seenaan qo'annoo afoolaa 'Folkloristics' nimirkaneessa. Jechi 'folklore' jedhu meeshaalee qonnaan bultoota baadiyyaa waliin jiraachaa ture kan bakka bu'uufi jireenya durdurii kan mul'isudha jedhamee amanamaa dhufe. (Oring, 1986). Akka Misgaanuu (2011) ibsutti, "Afoolli aadaa, duudhaafi safuu hawaasa tokkoo dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti afaaniin daddarbaa kan dhufe, darbaa kan jiru. Akkasumas, fuula durattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti," jedha.

Yaada kanarraa akkuma hubatamu, afoolli aadaa, duudhaafi safuu hawaasaa calaqqisiisuufi dhalootatti dabarsuuf gahee guddaa qaba. Getaachoo (2013) akka ibsanitti, "Afoolli jijjiiramummaaf baay'ee saaxilamaadha. Bu'uurri isaa hawaasni jijjiiramuu waan danda'uuf afoolliifi hawaasni addaan bahanii hin ilaalaman" jedhu. Kun kan agarsiisu amala afoolaa keessaa tokko jijiirramummaa ta'uufi hawaasni hariiroo cimaa afoola waliin qabaachuudha.

Brunvand (1979:12) akka ibsetti "The characteristics of oral literature is carried by memory and delivered by word of mouth. The performance may introduce variation in wording, structure or content" jedha. Yaada kanarraa akkuma hubannutti, dubbii afaaniin himamuufi yaadatamee himamuun amaloota afoolaati. Hurruubummaan haala himiinsaafi caasaa ykn qabiyyeef haala mijataa uuma. Kun immoo miidhagina isaatiif hedduu gumaacha.

## 2.4. Gooroowwan Afoolaa

Afoola qoqqooduun hojii baay'ee xiyyeeffannoo barbaaduufi rakkisaa ta'eedha. Sababni isaas ulaagaan dhaabbataan hanqina tokko malee afoola ittiin qoqqoodan dhabamuu isaati. Haa ta'u malee, adeemsa qorannoo fookloorii keessatti hojiin jalqabaa qoqqooddiidha. Qoqqooddiin gadi fageenyaan waan san ilaaluufi qorachuuf gargaara. Qoqqooddii afoolaa kanaan dura itti dhimma bahamaa ture bu'ureeffachuu dandeenya. Kunis afoolli gosoota gurguddoo sadii qabaachuu nu hubachiisa. Isaanis: seeneffamoota afoolaa (raagoowwan), walaloolee afoolaafi qareeyyii (kanneen unka gaggabaaboo qaban) kan jedhamaniidha.

### 2.4.1. Seeneffamoota Afoolaa (Raagoowwan)

Raagoowwan(seeneffamoonni afoolaa) seenaa kalaqaafi seenaa bara durii ykn yeroo dhihoo keessa dhugaadhaan raawwate jedhamee itti amanamu kan of keessatti hammatuudha. Seenaa kalaqaa yaadatamee afaaniin himamuudha. Yaada kan Mulugeetaan (2005:1) akka itti aanutti ibsa.

> *Akaakuuwwan gurguddoo afoolaa keessaa raagoon isa tokkodha.Raagoon adeemsa muuxannoo jireenyaa keessatti uummanni kan dabarse kan waliif seenessu, naannoo keessa jiraatu kan itti hubatu, falaasama isaa kan ittiin gaggeessu, amantii isaa kan ittiin calaqqisiisu, waan gaariin dabarse yookiin gadheen raawwadhe jedhee kan itti yaadatu hojii sadaa(imaginative expressions)ti.*

Akkuma yaada kanarraa hubannu, seeneffamni afoolaa(raagoon) jiruufi jireenya uummataa kan calaqqisiisuufi beekumsa hawaasaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf gahee ol'aanaa kan qabuudha. Akka Mulugeetaa, (2005:29) hayyoota Oring (1986)fi Okpewho (1992) wabeeffachuun ibsutti, seeneffamni afoolaa (raagoon) Raagamtaa (Myth), Afseena (Legend)fi Durdurii (Folktale) jedhamuun qoodamuu danda'u.

**a. Raagamtaa**

Jechi 'Raagamtaa' jedhu jechoota 'raaga'fi' amantaa' jedhaman irraa walitti dhufee kan ijaaramedha. Raaga amantaa jechuun waa'ee amantaan walqabsiisuun raaguu ibsa. Raagamtaan seeneffama afoolaa amantaadhaan walqabatu, kan dhugaadhaan ta'e jedhamee itti amanamuudha."Raagamtaa yoo jennu waa'ee amantaa raaguu yookiin seenessuu yaada jedhamu ofkeessatti akka hammatu hubachuu barbaachisa.Moggaasni "Myth" jedhamu immoo jecha

Afaan Giriikiitiin “Mythos” jedhamurraa akka dhufe qorannoon hayyootaa nimirkaneessa.” (Mulugeetaa, 2005:30). Jiruufi jireenya isaa keessatti hawaasni kamuu raagamtaa mataa isaa niqabaata. Akkuma aadaan hawaasa tokkoo kan biroo irraa garaagarummaa agarsiisu, raagamtaan hawaasa tokkoos garaagarummaa agarsiisuu danda’a. Kunis, kan bu’ureeffatu aadaa hawaasichaati. Raagamtaan durii kaasee jireenya ilma namaatiif hiikoo kennaa kan tureefi jiruudha. Hayyuun Campbell, (1973:3) yaada kana akka ibsetti, “Religions, philosophies, arts, the social forms of primitive and the storic man, prime discoveries in science and technology, the very dreams that blister sleep boil up from the basic ring of myth,” jedha. Akkuma yaada kanarraa hubannutti, guddinni saayinsiifi teeknoolojii osoo hinbabal’atin dura amantiin, falaasamni, aartiifi haalli jiruufi jireenyaa hundi kan hiikoo argachaa ture raagamtaa irraati.

Raagamtaan Raagamtaa Uumamaa, Raagamtaa Ergamtootaafi Raagamtaa Goobaangaleessaa jedhamuun qoodamuu danda’a. Raagamtaan Uumamaa uumamuu yookiin tolfamuu waan lafa kanarra jiruu kan nu hubachiisuu danda’uudha. Akka Mulugeetaa, (2005:32) ibsetti, “Akaakuun raagamtaa kanaa uumama waan tokkoo nu hubachiisa.Wanti tokko akkamitti uumame? Eenyutu uume? Gaaffiiwwan jedhaman deebisuuf ija amantaatiin kan raagamee itti amanamuudha,”jedha. Kanaafuu, raagamtaan uumamaa uumaafi uummama gidduu hariiroo jiru kan addeessuudha.

Raagamtaa ergamtootaa kan jedhamu immoo seeneffamicha keessatti qooddattoonni seenicha raawwatan ergamtoota kan ta’aniidha. Raagamtaan goobangaleessaa (hero myth) seenicha keessatti qooddataan namuma ta’ee nama uumama addaa kan humna oliin hoogganamu, kan waan yaade galmaan gahuuf kutannoo qabu, kaayyoo isaa galmaan gahuuf gufuu hedduun kan itti baay’atu ta’ee dhumarratti gargaarsa uumaatiin kan milkaa’uudha.

**b. Afseenaa**

Afseenaan akkuma gosoota raagoo kanneen biroo afaaniin kan himamuudha.Garuu akka raagamtaa dirqama dhimma amantiirratti hinxiyyeeffatu. Garaagarummaa afseenaan kanneen biroo irraa qabu Mulugeetaa, (2005:46) irratti akka itti aanutti ibsee jira.

> *Goobaangaleessi afseenaa gochi raawwate jedhamee raagamu dhugaa yookiin dhugaarraa kan fagaate ta’uu danda’a.Afseenaa keessatti goobaangaleessaa ta’ee seenaan isaa kan raagamu uummata keessatti olaantummaa kan qabaachaa ture ta’a. Mootii biyyaa, Abbaa duulaa, yookiin Abbaa Gadaa ta’uu ni danda’a. Uumamni goobaangaleessichaa kan*

*raagamtaa wajjiin tokko miti. Kana jechuun akka goobaangaleessa raagamtaa amantaa wajjiniin dirqama walitti hidhiinsa hin qabu. Goobaangaleessi afseenaa kun adeemsa jireenya isaa keessatti  bu'aa bayii hedduu keessa darbee sadarkaa olaanaa irra kan qaqqabu ta'a.*

Akkuma yaada kana irraa hubannutti, seeneffamni afseenaa dirqama dhimma amantii wajjin walqabachuu dhabuu isaatiin raagamtaa irraa adda ta'a. Kana malees, goobangaleessi afseenaa bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee mo'icha ol'aanaan goolabuu isaatiin akkasumas, goobangaleessichi Mootii, Abbaa Gadaa, Abbaa Duulaafi kanneen kana fakkaatan ta'uudhaan gosoota raagoo kanneen biroo irraa adda ta'a.

### c. Durdurii

Gooroowwan gurguddoo raagoo (seeneffamoota afoolaa) keessaa tokko durduriidha. Durduriin/Oduun durii seeneffama kalaqaan guutame, dhalootaa dhalootattiifi yeroodhaa yerootti (baraa baratti) yaadatamee afaaniin himamuudhaan har'a kan gahedha.

Jechi durdurii jedhu kun madda garagaraarratti "oral narratives, oral prose narratives' jedhamee argamuu danda'a. Jechoonni kun isa tokko akka bakka bu'an hayyoonni ibsanis jiru. Fakeenyaaf, barreessaan Dorson (1972) jedhamu, "Folktales are oral narratives…," jedha. Asirraa wanti hubatamu jechi durdurii (folktales) jedhu him-afaaniin (oral narratives) bakka bu'uu akka danda'u nutti mul'isa. Yaanni kun akka ibsa ykn akka hiika durduriittis nu fayyaduu danda'a. "Durduriin him-afaani' jechuun kan afaaniin himamu; dubbii afaaniiti; dhimma odeeffamu jechuudha.

Yaada kana iraa akkuma hubannu, Durduriin afaaniin kan himamu, kan seeneffamu, dubbii afaanii kan bu'ureeffatee odeeffamudha. Durduriin(sheekkoon) hawaasa kamiyyuu keessa nijiraata. Wantoonni (gochoonni) seeneffamanis aadaa hawaasichaa bu'ureeffatu. Hawaasni kamuu durdurii/sheekkoo qabaachuu danda'a. Yaada kana Geetachoo, (2011) yoo ibsu, "Sheekkoon hawaasa kamiyyuu bira kan jiruufi wantoota adda addaa kan akka horiitti, namatti, bineensotaatti, mukatti, dhagaattiifi kan kana fakkaatan bu'ureeffachuun kan himamudha," jedha. Nuuraddiin (2020) yaada kana yoo cimsu akkana jedha.

> *Sheekoon damee afoolaa keessaa tokko ta'ee seenaa, duudhaa, amantaa, muuxannoo, ilaalcha, falaasama, hawaasummaa, diinagdeefi kkf dhalootarraa dhalootatti karaa ittiin dabarfannu keessaa isa tokko. Sheekoon bifa dubbiin fakkiin jireenya hawaasa kaleessaa maal akka ture, har'a maal akka fakkaatu, fuulduratti immoo maal akka ta'uu qabu nu akeeka. Sheekoon wantoota akka horii, namaa, bineensotaa, mukaa, dhakaafi kkf irratti bu'uureffachuun bifa walaloofi hololootiin himamsa afaaniitiin kan dhiyaachuu danda'uudha.*

Kanaafuu, durduriin seeneffama afoolaa yaadatamee afaaniin himamu ta'ee, kan jiruufi jireenya hawaasa keessatti himamuu calaqqisiisudha. Durduriin gooroowwan seeneffama afoolaa kanneen biroo irraa adda ittiin ta'u niqaba. Akkaataa himinsaafi sadarkaa dhugummaa seeneffamichaa bu'ureeffachuun addummaa kana hubachuun nidanda'ama. Raagamtaan seeneffama dhugummaan isaa daran itti amanamu yommuu ta'u, durduriin garuu seeneffama afoolaa kalaqaan guutame kan bashannansiisuufi barsiisuuf ooludha. Yaada kana Sesan, Azeez A Kinwumi, (2014:78) akka itti aanutti ibsa.

> *Bascom (1943), in his taxonomy identifies two forms of narrative in Yoruba oral traditions. These two classes are myths (Itan) and folktale (Alo). Myths are more valued than folktales because they are more factual and historically true and reliable. On the other hand, it is believed that folktale is fictional and factually undependable.*

Kana jechuun, qoqqooddii isaatiin afoola Yoruba keessaa gosoota seeneffamoota afoolaa lama adda baasee ture. Isaanis: raagamtaafi durduriidha. Raagamtaan waan qabatamaan raawwate, dhugaadha jedhamee itti amanamu yommuu ta'u, durduriin immoo hojii kalaqaa sadarkaan dhugummaa isaa gadi bu'aa ta'e (qofaa isaatti dhugaa of danda'ee himamu kan hintaane) jechuudha. Akkuma yaada kana irraa hubannutti, durduriin hojii kalaqaa (uumee) qooddattoonni adda addaa (bineensota, nama, muka, dhagaa…) seeneffamicha keessatti qooda fudhachuun seenaa raawwate kan bashannansiisuufi barsiisuuf afaaniin himamudha.

Durduriin caacculee mataa isaa qaba. Caacculee durdurii akka itti aanutti ilaaluun nidanda'ama.

**Fakkaattii/Namfakkii(Character)**: durdurii keessatti namfakkiileen nama, bineensa, horii, muka, uumama biroofi kkf ta'uu danda'u. Namfakkiileen kunneen amala namummaa goonfatanii seeneffamicha keessatti gahee isaanii ba'u.Yeroo baay'ee namfakkiilee durdurii gidduutti

amalaafi dandeettii waliif faallaa ta'antu mul'ata.Gamnafi gowwaa, gootaafi dabeessa, beekaafi wallaalaa, gara laafessaafi gara jabeessaafi kkf argina.

**Jaargocha/Sabseena(Plot)**:Sabseenni durdurii haala salphaa ta'een ijaaramee fuulduratti kan adeemuudha.Akka kan asoosamaa walxaxaafi micciirramaa miti.Akka Mulugeetaa, (2005:59) ibsetti, "Ka'umsiifi ta'umsi (cause and effect) durdurii hangas kan jabaatu miti. Gochi tokko gara fuulduraatti furii walharkaa darbaa soroorratee hanga dhumaatti kan deemu." Dabalataanis Oring, (1986) yoo ibsu, "The plot of folktale proceeds as a logical sequence of events. Each event in the tale logically conditions the events that follow," jedha. Kana jechuun, jaargochi durdurii tartiibumaan fuulduratti haala salphaan tankaarfataa kan deemu ta'uu isaati.

**Waldhabbii (Conflict)**:Durdurii keessatti waldhabbii jabaataan uumamuu baatus namfakkiilee gidduutti waldhabbii salphaan uumamuun seenichi fuulduratti akka deemuufi qalbii hawwatu kan taasisu nijiraata.

**Gocha (Action)**: Adeemsa raawwii durdurii keessatti gochoonni raawwataman yeroo baay'ee walfakkaatoodha. Irra deddeebiifi gochoota walfakkaatootu mul'atu. Inni tokko waan tokko raawwata. Inni kan biraanis gocha fakkaattiin duraan raawwate akkeessuun raawwata.

**Yoomessa (Setting)**:Yoomessi durdurii adda bahee hinbeekamu.Yoom akka raawwateefi eessatti akka raawwate akkasumas, haala hawaasummaa akkamii keessatti akka raawwate ifatti wanti beekamu hinjiru. Bara durii jedhamuun seeneffama/himama. Kun amala durdurii seeneffama biraa irraa adda taasisuudha.

## 2.5. Afwalaloo

Afwalaloon walaloo afoolaa ogummaan miidhagee dubbii afaaniin daddarbuudhaan kan beekamudha. Walalooleen afoolaa afoolawwan akka: sirba(sirba daboo, sirba jaalalaa, sirba gaa'elaa, sirba gadaafi arrabsoo dubaraa), geerarsa(geerarsa ajjeesaa, geerarsa aaloo/xiiqiifi geerarsa gaabbii), faaruu(faaruu loonii, faaruu Waaqaa, faaruu deessuu, faaruu Ateetee, faaruu lafaafi faaruu buddeenaa)fi weedduu kan of keessatti hammatuudha (Mulugeeta, 2005).

Afwalalaoon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaanin dhaloota irraa dhalootatti darbuudha. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee Finnegan (1992:2) yoo ibsu… "Oral poetry can be defined in various ways stritic definition would include only poetery that is

composed and tranismitted without any aid of writing,”jedha. Akka ibsa kanaatti afwalaloon haala garaagaraan hiikamuu danda’a. Hiikaa afwalaloof kennamu keessaa tokko afwalaoon dhangi’a sagalee muuziqaa dabalachuun osoo ogummaan barreeffamaa hin jiraatin afaanin darbaa turuu isaati.

Afwalaloodhaaf salphaatti hiikkaa kennuun rakkisaadha. Akka Misgaanuu (2011) addeessutti yaadrimeen afwalaloo baay’ee walxaxaa akka ta’eefi barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokko irraa isa itti aanutti akkasumas naannoo tokko irraa gara ollaatti kan lufuudha.Yaaduma kana kan dhugoomsu afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta’ee bifa walalootiin qindeeffamee kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufee hara’a gaheedha. Kanaafuu afwalaloon hawaasa tokko keessattuu yoo ilaalle yeroofi iddoo inni dhimma itti hin bahamin hin jiru.Kana jechuun hawaasni tokko yeroo gara garaa hojiirratti, nyaataa, kabajaa ayyaana gara garaarratti,fuudhaa heeruma,waaqeffannaa,mana ijaarsaa,hojii qonnaafi kkf. keessaatti afwalaloo gara garaa dhimma itti bahau.Kana irraa kan ka’e afwalaloodhaaf hiikkaa salphaa namoota hunda waliif galchu tokko lafa kaahuun rakkisaa ta’a.

Afwalaloon bu’aa bahii jireenyatiin kan walqabateedha. Afwalaloon gochaawwan hawaasni akka waliigalaatti guyyaa guyyaan jireenya isaanii moo’achuu taasisaniidha.Kana jechuun namni gochaa gaarii hojjete ittiin jajjabeeffama.Akkasumas kan safuu hawaasaa cabse ittiin qeeqama.Kanaafuu afwalaaloon calaqqee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo akka ta’eedha.

Gama biraatiin afwalaloon ogafaan unkaa gaggabaabaa qabu ta’ee, yoomessa gara garaa keessaatti faayidaa gara garaatiif kan ooluudha (Finnegan, 1970). Kana jechuunis maalummaafi faaydaan afwalaloon tokkoo kan hubatamu yoomessaafi akkaataa itti fayyadama isaa keessati akka ta’e hubachuun nidanda’ama. Kana jechuuns afwalaloon biyyoota uummanni isaanii hundi oguma barreeffamaa hin gonfanne keessatti akkaataa jireeny isaanii ittiin geggeessan calaqqisiisuuf iddoo guddaa qaba. Kanaafuu, afwalaloon namoota afaan barreeffamaa hin qabne biratti haala jiruufi jireenya isaanii itti geggeeffatan dhaloota haaraa dhaalchisuuf akka oolu hubatama.

Afwalaloon gosa ogafaanii keessaa tokko ta’ee bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee Asaffaa (2009) yoo ibsu akkana jedha:

*Afwalaloo jechuun yeroo baay'ee bifa muuziqaa qabatee bareedina gonfachuun haala duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu dha. Afwalaloon bifa miidhagina qabuun duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu, qabeenya hawaasaa akka ta'eedha. Kana jechuun immoo afwalaloon aadaafi safuu hawaasaa haala nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu isaati.*

Afwalaloon duudhaa hawaasaa kan ofkeessatti qabu, irra caalaa hawaasa hinbaranneen kan kalaqamuudha. Afwalaloon umrii kalaqaafi hurruubummaan isaa yeroo jalqabaaf namni walitti dhufee ittiin walbuhaarsuu yeroo jalqabee kaasee akka ta'e nu hubachiisa. Kunis afwalaloon umrii dheeraa kan qabu nama bashannansiisuu kan danda'u ergaa barbaaddame dabarsuurratti gahee guddaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Afwalaloon unkaa isaa qofaan osoo hin taane, haalli darbiinsi isaa adda isa taasisa. Afwalaloon kan dhalootarraa dhalootatti darbu barreeffamaan osoo hintaane himiimsa afaaniitiin yookin dalagaan bifa sirbaan, geerrersaan, faaruudhaan darba. Unkaan walaloo barreeffama waliin tokko ta'ee walaloon barreeffamaa dhalootaa dhalootatti kan darbu barreeffamaan yoo ta'u afwalaloon immoo afaaniin kan darbu ta'uudha (Dorson, 1972).

Afwalaloon dalagaan akkasumas haalli dhiyeenya isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo ummataati. Gama biraatiin afwalaloon gosa aartii yeroo durii kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, haala jiruufi jireenyaa, muudannoo isaanii haala adda addaan itti sirbaniifi faarsaa turan jechuun nidanda'ama.

Afwalaloon yeroo irraa bilisa ta'e immoo dhimma yeroo wajjin kan walqabate osoo hin ta'in yeroo kamiyyuu faarfatamuufi sirabamuu kan danda'uu, kana jalatti afwalaloon hedduu beekaman sirboota garaagaraatiini. Kunis, akka inni baraan hin daangeffamneef daangaa darbee kan deemu ta'uu isaa nu hubachiisa.

Finnegan (1992) faayidaa afwalaloo "Faaydaan afwalaloon qabu walkeessa jira, walmakaadha" jetti. Kunis kan irratti hundaa'u amala qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsuu barbaade irratti, yoomessa walalichi ittiin dhiyaate irratti, haaluma walaloo sanirratti hundaa'uun tajaajiluu danda'a. Faaydaan afwalaloo bashanansiisuuf, miira ibsuuf, hawaassummaa cimsuuf, miidhagina agarsiisuufi kan kana fakkaatuuf kan ooludha.

Gosoonni afwalaloo walaloo sirba gaa'laa, walaloo sirba aadaa, walaloo weedduu, walaloo faaruu, walaloo geerersaa, walaloo sirba, walaloo boo'ichaa, walaloo amantaaleefi kanneen kana fakkaatan dabalachuu danda'a (Misgaanuu, 2011). Dundes (1965) immoo "Folk poetry ranges from oral epics to autograph-book verse, epitaphs, latrinalia (writings on the walls, of public bathrooms), limericks, ball -bouncing rhymes, dandling rhymes (to bounce children on the knee), counting-out rhymes (to determine who will be "it" in games), and nursery rhymes" jedha.

Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu afwalaloon afaaniin dhalootaa gara dhalootaa kan lufu yemmuu ta'u, qabeenyummaan isaatiis kan haawaasati. Kana jechuun hawaasuma keessaa dhalatee hawaasuma waan tajaajiluufi dha. Akkuma ogafaan hawaasa kamiyyuu afwalaloon Oromootiis hawaasa keessatti gahee guddaa qaba. afwalaloon yeroofi iddoodhaan, akkasumas, akkuma dandeettii nama dhihessu sanaatiin garaagarummaa mul'isuu danda'a.

Afwalaloon tokko hawaasa tokko keessatti lubbuu horatee jiraachuu isaa kan ittiin beekamu amaloota adda addaa qaba.Akka Finnegan (1970) and (1992) addeessitutti amaloota afwalaloon qabu keessaa muraasni hurrubummaa, ummatummaa, jijjiirramummaa, lufummaafi kkf. akka ta'e addeessiti.Amalli afwalaloon ittiin beekkamu kan biraa akka barwalaloo barreeffamaan labata haaraatti lufee dhabuu isaati.Haata'u malee afwalaloon afaan barreeffamaa qabu gama barreeffamaatinis labata haaratti dabra jira.

Misgaanuu (2011:60) akka ibsutti "Yaadrimeen afwalaloo baay'ee walxaxaadha. Akkanumaan irra keessa yoo ilaallamu garuu, afawalaloon barreeffamaan osoo hin taane afaaniin dhalootaa tokkorraa isa itti aanutti, naannoo tokkorraa gara ollaatti kan lufuudha." Akka yaada barreessaa kanaatti yaadrimeen afwalaloo walxaxaa ta'us, afaaniffaan dhalootatti darbuun adda isa taasisa.

Afwalaloon amaloota dhuunfaa afoolarraa adda isaan taasisan qaba. Yaada kana dhugoomsuuf Finnegan(1970) afwalaloon tokko lubbuu horatee jiraachuu isaa dhugoomsuu keessatti amaloota adda addaa kanneen akka hurrubummaa, hirmmaattotaafi jijjiiramummaa calaqqisiisa.

**A.Hurrubummaa**- Hayyoonni hedduun hurrubummaan lubbuu afoolaafi afwalaloo akka ta'e ragaa bahu. Kana jechuun hurrubbummaafi ogafaan waliin deemu jechuudha. Afoola keessattis ta'ee afwalaloo keessatti sochiin dhabamuu hin danda'u. Sochiin kun ammoo afwalaloo sanatti lubbuu horuun bareedina gonfachiisa. Ogafaan kamiiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurrubamuun jamaa fuulduratti dhiyaata. Kana yeroo jennu garuu ogafaan

bakka jamaan hin jirreetti hin hurrubamu jechuu keenyaa miti. Ogafaan suuraafi ogummaan isaa haalan kan goobanee mul'atu, kaayyoon hurrubamuufis bakka gahuu kan danda'u kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurrubameedha. Dameewwan ogafaanii keessaa irra caalaa hurrubamee kan mul'atu afwalaloodha.

Amaloota afwalaloo keessaa ammoo adda durummaan kan caqasamu tokko dalagaadha yookan sochiidha. Dalagaan jechoota afaan dubbataa keessaa bahu waliin wal simsiisuun sochii taasifamuudha. Finnegan (1970) yaada kana yoo ibsitu, "The significance of performance in oral literature goal beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,"jetti. Akka yaada barruu kanaatti afoolli tokko dhiiga fooniifi lafee qabatee lubbuu kan horatu dalaggarratti yoo hundaa'edha.

**B. Hirmaattota-** Og-afaan tokko yeroo baay'ee kophaa kan dalagamuu osoo hin taane hojii garee barbaada. Afwalaloonis bifuma wal fakkaatuun deeggarsa garee waliin tola. Kana jechuun namni tokko yoo afwalaloo tokko weellisu dhuunfaa isaatin miti jechuudha. Kan yeedaloo baasu bira kan irraa fidee deeggaru jiraachuun dirqama ta'a. Qooda hirmmaattonni afwalaoo keessatti qaban ilaalchisuun Finnegan (1970) irratti, "A further essential is the audience which is the care with writen forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to convention genere and personality the artist may be receptive." Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu afwalaloo keessatti hirmaattonni ala taa'anii yaadan kan mul'atan osoo hin taane amala kallattiin keessatti argamuun hirmaachuu kan qabuudha.

**C.Jijjiirama-** Afwalaloon tokko jiraachuun isaa kan mirkanaa'u fayyadamummaa hawaasaa afoola sanaa yommuu ta'u, innis adeemsa fayadamaa keessa sagaleelerraa ka'ee hanga hima guututti jijjiiramuu danda'a. Sababni isaas afaaniffaan waan darbaa dhufeefi darbaa jiruuf itti dabaluun yookan irraa hir'isuun waanuma jiru. Haata'u malee qabiyyeesaa osoo hin gadhiisin akkatuma itti fayyadama hawaasichaatin itti fufa.Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan (1992) akka ibsutti, "There are the cases when the performer introduces variation on older piecies of even totally new forms interms of the detailed wording the structure or the content." Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokkoo jijjiirama afwalaloo keessatti ga'ee akka qabuudha.

Akkuma armaan olitti ibsametti afwalaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu yoo ta'u, qabeenyummaan isaa kan hawaasaati.Kana malees, afwalaloon yeroofi iddoodhaan akkasumas akkuma dandeettii nama dhiyeessuu sanaatti garaagarummaa uumuu danda'a. Afwalaloon Oromoo walaloo sirba aadaa, walaloo weedduu ateetee, walaloo faaruu loonii, walaloo geerarsaa, walaloo tapha ijoollee, walaloo sirba tikseefi kanneen kan fakkaatan of keessaa qaba. Kan yeedaloo faana darban kan akka weedduu jaalalaa, kan cidhaa, kan geerarsaa, kan ateeteefi kkf yommuu ta'an, kan yeedaloon isaanii ifatti hinmul'anne immoo, kanneen akka oduu durii hiibboofi mammaaksa fa'i.

Fedhsaa (2013) akka ibsetti, afwalaloon oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamu. Isaanis, geerarsa,sirba,weedduu,faaruu, eebbaafi abaarsa,gungummiifi tabaalliidha. Misgaanuun (2011:59) irrattis yaada kana deeggaruun, "Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa of keessaa qaban:geerarsa,weedduu jaalalaa,weedduu seenaa, weedduu siyaasaa,weedduu cidhaa,weedduu ateeteefi weedduu dabooti" jedha.

Afwalaloofi barwalaloo kan adda baasan ulaagaalee gurguddoo saditu jiru. Isaanis: qindeeffama, akkaataa lufummaafi hurruubbii isaati.kana jechuunis afwalaloon hundi qindeeffamni isaanii afaaniin haata'u malee guutumaa guutuutti walfakkaatu jechuumiti. Afwalaloon guddina barwalalootiif gumaacha guddaa godha. Gama biraatiin afwalaloon beekumsa hammaaramee hindhumne kan hawaasa keessa jiru of keessaa qaba.

Afwalaloon Oromoos akkuma firiiwwan afoolaa kanneen biroo seenaa, aadaa, duudhaa, falaasama,ilaalchaafi amantaa ummatichaa yeedaloon miidhgsee dhalootaa dhalootatti dabarsuu irratti gahee guddaa qaba.Afwalaloon yeroo irraa kan bilisa ta'eefi dhimma yeroo kan akka jijjiirama siyaasaa wajjiin kan walhinqabanne yeroo kamiyyuu akka barbachisaa ta'etti sirbamaafi faarfatamaa kan jiraatudha.Haalli kunis akka inni hindagatamne kan taasisuufi dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'uusaa agarsiisa ( Finnegan1970).

Gosoonni afwalaloo Oromoo hedduu yommuu ta'an isaanis haala adda addaa keessatti dhiyaatu. Ummanni Oromoo yommuu geeraru, yommuu sirboota aadaa sirbu, yommuu waaqeffatu afwalaloo adda addaatti dhimma ba'a. Akkuma haalli keessatti dhiyaatu garagara ta'e, haalli itti dhiyaatus garagara. Kana jechuun haalli qindaayina yeedaloofi sochhiin qaamaa taasifamu garagara. Fakkeenyaaf ummanni Oromoo naannoo bal'aa irra qubatee waan jiruuf akkaataan inni

itti geeraru, akkaataan itti shubisuu, itti ragadu, itti dhiichisu, akkaataan shaggooyyeefi tirrii itti taphatuufi akkaataan itti faarfatu garaagarummaa qaba.

Haala keessatti dhiyaatu ilaalchisee, afwalaloon hunduu yoomessa mataa ofii qabu. Fakkeenyaaf faaruun booyichaa mana warra du'aatti, weedduun cidhaa mana cidhaatti, geerasi mana daboofi mana cidhaatti, urursi daa'immanii daa'ima booche sossobuuf, taphni ijoollee dirree yookiinmanatti yeroo ijoolleen boqonnaa qabdu, faaruun ateetee yeroo ateetee bulfatan,faaruun loonii yeroo daboofi yeroo cidhaafi kanneen kana  fakkaatan haala keessatti dhiyaatan kan mataa ofii qabu.

## 2.6. Faayidaa Afwalaoo

Hawaasa keessatti afwalaloon faayidaa lakkaawamee hin dhumne hedduu qaba. Keessumaa hawaasni Oromoo gaddas ta'ee gammachuu,jaalalas taaanan jibba, booyichas ta'ee sirba, gadoos ta'ee gadadoo hunda afwalalootti dhimma bahuun ibsachaa kan tureefi yeroo ammaas itti jiruudha. Finnegan (1970) akka ibsutti "Faayidaan afwalaloon qabu walkeessa jira; walmakaadha. Kunis kan irratti hundaa'u amala, qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsuu barbaade irratti." Akka yaada kanaatti faayidaan afwalaloo tokkoo kan murtaa'u qabiyyee inni dhiyeessuuf ka'egiddugaleeffachuudhan ta'a. Akka waliigalaatti afwalaloon yaada bal'aafi bilchaataa kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechoota filatamoofi miidhagina qabaniin ibsachuuf kan ooluudha.

## 2.7. Caacculee Afwalaloo

Afwalaloon akkuma oguma kaanii caacculee gara garaa ofkeessatti hammaatee jira. Akka Misgaanuu (2011) addeessutti caacculeen kunis ergaa, qooddattoota, yoomessa, seenaa, sabseenaafi kkf. akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Caacculeewwan kunis hojii kalaqa sammuu dhala namaa tokko lubbuu itti horuun utubanii kan dhaabaniidha. Kanaafuu afwalaloo tokko oguma kan isa jechisiisu caacculeewwan yookaan caasaa inni irraa ijaarrame akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Caacullee afwalaloo kanaa olitti heeraman kanneen keessaa maaalummaa ergaa addeessuun barbaachisaa ta'a. Ergaan hiikkaa giddu galeessaa ifatti mul'atu qofa osoo hin taane akka ibidda dhaamee yookaan waan riphee dhokatee jiruudha. Haaluma kanaan afee tokko keessaatti ergaan dhokatee jiru yeroo xiinxaalame ifatti bahee mul'achuu danda'a.kunis kallattii amantaa, duudhaa, ilaalcha, aadaa, safuutiin hubatamu danda'a. Kanaafuu afee tokko keessatti ergaan yoomeessa isaa irratti hundaa'ee akkaataa gara garaatiin xiinxalamuu akka daanda'u hubatama.

## 2.8. Gosoota Afwalaloo

Gosoonni afwalaloon ulaagaalee qoqqoodii gurguddoo ta'an kanneen akka kaayyoo, hurubummaa, yoomessafi unkaa isaatiin gosa adda addaatti qoodamuu danda'a. Gosoonni afwalaloo kan yeroo daanga'aniifi kan yeroon hindaangofne ijechuun bakka lamaatti qoqqodama.Afwalaloon yeroon hindaangofne afwalaloo jaalalaa, amantii ateeteefi kkf. yoota'u, afwalaloon yeroon daanga'an ammoo afwalaloo faaruu loonii, walaloo boo'ichaa, walaloo goototaafi kkf. akka ta'an addeessa.Yaada kana irraa wanti hubatamu afwaloon ulaagaa yeroodhaan bu'uura godhachuun bakka lamatti qoodamuu akaa danda'amuudha.

Afwalaloon maqaa waliigalaa yoo ta'eeyyuu innis dameewwan adda addaatti qoodamuu danda'a.Kanuma bu'uura godhachuun hayyoonni afaanis afwalaloof ramaddii adda addaa kaa'aniiru. Misgaanuu(2011:4) jedhutti"Afwalaloon weedduu jaalalaa,faaruu,weedduu hojii,geerarsa, mararoo, weedduu, ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu hurursa daa'immanii, weedduwwan gootummaa, weedduwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduwwan amantii, weedduwwan ajjeesaa, hiibboo altokko tokkoofi k.k.f.tiin mul'achuu danda'a." Hayyuun kun itti dabaluunis afwalaloo kanneen yeroo irratti hundaa'eefi kanneen yeroo irraa walaba ta'e jechuun qoqqoodee jira.

Akka yaada hayyuu kanaatti qoqqoodamni afwalaloo Oromoo yoomessa giddugaleeffachuun kan murtaa'u yoo ta'u, yoomessa kanaanis afwalaloowwaan yeroon daanga'aniifi yeroon hin daangofne jechuun ramaduun kan danda'amuudha. Afwalaloon haala garaagaraatin gosa adda addaatti qoodama. Kanneen keessaa gurguddoonni: kaayyoosaa, hurrubbummaasaa, yoomessa isaafi walaloo isaa irratti hundaa'ee haaluma tajaajila hawaasaa kennu irratti hundaa'uun qoodama (Finnegan 1970).  Gosoota afwalaloo osoo walkeessa hin xaxamin qulqulleessinee addaan qooduuf qorannoo bal'aafi gadifageenya qabu barbaachisa.

Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodamuu danda'a. Misgaanuu (2011) afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'aniifi kan yeroon hin daangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hin daangofne walaloo jaalalaa, amantaa, ateetee yoo ta'an, afwalaloon yeroon daanga'an ammoo walaloolee lolaa, faaruu booyichaa, goototaa akka ta'an tarreessa.

## 2.9. Afwalaloo Faaruu

Afwalaloon faaruu sirba bareedaa dinqisiiffannaa ofkeessaa qabuudha. Jechi faaruu jedhu sirba gaariisaa kaasanii sirbuu, daboon loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa, mararfachuu akka ta'e hubachiin nidanda'ama. Kanaafuu, jechi faaruu jedhu sirba galateeffannaa yookaan dinqisiiffannaa akka ta'e hubatama. Yaaduma kana kan deeggaru Geetachoo (2013) akka jedhutti faaruun gosa afwalaloo akkaataa qaamaa oolmaa guddaa namaaf oole bifa sirbaaatiin dinqesiiffannaa yookaan ittii quufiinsaa yaadaa ofkeessa akka qabu hubatama.

Gama biraatiin faaruun meeshaa beekumsa ittiin waliif qoodaniidha. Misgaanuu (2011) yoo ibsu faaruun karaa hawaasni tokko hubannoo yeroo darbee dhaloota haaradhaaf ittiin dabarsu akka ta'e addeessa. Kanaafuu, faaruun muuziqaa miira galateeffannaa, dinqisiifannaafi marartee ofkeessaa qabuun dhiyaatauudha. Faaruun kunis aadaa, seenaa, falaasam, duudhaa hawaasaafi kkf. dhaloota haaraadhaan barsiisuuf gahee guddaa qabuu ta'uu hubatama.

Afwalaloon faaruu hawaasa dhimma itti bahu biratti faayidaalee adda addaa qaba. Isaan keessaa tooftaa ittiin bineeldota sodaafi rakkina soorata isaanii ittin keessaa darbamu ofkeessaa qaba. Kana jechuuns faaruun ergaa ittiin rakkoo jalaa miliqan qaba jechuudha. Faaruun ergaa kallattii amantaa, duudhaa, ilaalcha, aadaa, safuu, haala jiruufi jireenyaa ittiin hubatamu ofkeessaa akka qabu addeessa. Kana malees, akka Misgaanuu (2011) jedhutti afwalaloon haala faaruutin dhiyaatu hawaasa biratti beenlodaata dhimma adda addataif itti fayyadaman jechoota filatamaniin faarsuf tajaajila. Akka waliigalaatti faaruun ergaan gama tooftaa, amantaa, siyaasa, haala jiruufi jireenyaa,seenaa, beekumsa, aadaa, duudhaa, ilaalcha, falaasamaafi kkf ofkeessaa akka qabu hubatama.

## 2.10. Gosoota Afwalaloo Faaruu

Yoomessa isaa irratti hundaa'uun faaruun iddoowwan gara garaatti qoodamuu danda'a. Akka Misgaanuun (2011) addeessutti gosoonni faaruu jiran faaruu fardaa, faaruu abbaa, warroomii, asmaarii, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu mararoo, faaruu ateetee, faaruu gootaa, faaruu Dachee, faaruu Waaqaa, faaruu hoofcoo, faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immanii,faaruu oogdiifi faaruu looniitti akka qoodamu huatama. Kanaafuu, faaruun kuni yoomeessa keessatti dhimma itti bahamu bu'uura godhachuun yoo ilaallame gosoota hedduu kan qabu ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Gama biraatiinis faaruun kaayyoo dhimma itti bahamuun qoqqoodamuu danda’a. Dirribii (2012:81) kallattii waaqeffannaatiin yoo ibsu faaruun galateeffannaa oolmaa waaqni dhala namaatiifi looniif ooleedha. Kana jechuun faaruun gosoota akka faaruu ateetee,waaqa, Dacheefi loonii akka ofkeessatti mirkaneessa. Gosoota faaruu kanaa olitti tarreeffaman keessaa qorannoon kunis faaruu loonii xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf maalummaa isaa akka itti aanutti hubachuun nidanda’ama.

## 2.11. Faaruu Loonii

Faaruun loonii afwalaloo uummanni Oromoo oolmaafii marartee laooniif qaban ibsuudhaaf kan dhimma itti bahuudha. Loon qonna aadaa keessatti tajaajila olaanaa waan kennaniifi bu’aa guddaadhaaf waan oolanaiif sabni Oromoo kabajaafi jaalala looniif qaban ibsuu cinaatti hojii kalaqaa, hawaasummaa, jaalala, siyaasafi kkf. ibsuuf faaruu loonitti dhimma bahau.Yaada kana irraa wanti hubatamu dhalli namaa bu’aafi tajaajila loon irraa argatu irraa ka’e faaruu loonitti dhimma bahuun jaalala, kabaja looniif qaban akkasumas: seenaa, duudhaa, falaasamaafi kkf. ibsachuuf faaruu loonitti dhimma akka bahan hubachuun nidanda’ama.

Gama biraatinis faaruun loonii jireenyi saba tokkoo gama diinagdeetiin maal akka fakkaatu ibsuun alatti dhimma siyaasaafi bowaarsisuu keessattillee gahee akka qabu hubatama (Misgaanuu, 2011). Kanaafuu, faaruun loonii tokkummaa,walitti dhufeenya,hacuuccaafi cunqursaa saba tokko keessa jiru ibsuuf akka dhimma itti bahamu hubachuun nidanda’ama. Faaruun loonii ogbarruu hin barreeffamin yookan afoola dhugaa jireenya hawaasa Oromoo miidhagsee ibsuuf kan gargaaruudha. Kanaafuu afwalaloon faaruu miira laphee namaa keessee jiru dhangalaasee baasuun madda gammachuu ta’uun alatti aadaa, safuu, diinagee, haala jireeny hawaasummaa seenaa, falaasama, duudhaasiyaasa hawaasa tokkoo ibsuu akka fayyadu hubachuun nidanda’ama.

## 2.12. Afwalaloo Yeroo Hojii Qonnaa

Aadaa ummata Oromoo biratti afwalaloo sirnoota yookin hojiiwwan adda addaa keessatti dhimmi itti bahama. Dhimmoonni hawaasichi afwalaloo itti fayyadamu keessaa yeroo sirna gaa’elaa, yeroo sirna awwaalchaa, guyyaa kabaja ayyaanota gara garaafi kkf kaasuun ni danda’ama. Haaluma kanaan yeroo hojii qonnaa gaggeefamu namoonni hojii qonnaa irratti hirmaatu afawalaloo fayyadamuudhan ergaa dabarfatu, yaada ofii ibsatu; akkasumas hojii irratti

wal qeequ. Haala itti fayyadama afwalaloo yeroo qonnaa ilaalchisuun Misgaanuu (2011) akka armaan gadiitti yaada kennu.

> *Indigenious farming activities are mostly accompanied with the use of cultural oral poetries for various purposes. Among these purposes, motivating the participants for effective work is the typical one. Accordingly, farmers say oral poetries according to their respective cultures especially to activate reluctant farmers during the farming activities.*

Akkuma yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti faayidaa afwalaloon yeroo hojii qonnaa qabu keessaa inni tokkoo namoota hojjicha irratti hirmaatan hojiidhaaf kakaasuudha. Kunis, namoonni hojii qonnaa irratti boba'an haaluma aadaa isaanitiin afwalalootti fayyadamuudhan hojii qonnaa irratti wal onnachiisu jechuudha.

Haaluma yaada kana cimsuu danda'uun Melaakneh (2009) "Wherever and whenever people are working in groups oral poetry a cultural mechanism of motivating one another" jedha. Dabalataanis, Bayyanaa (2016) gahee afwalaloon namoota yeroo hojii gamtaa kakaasuf qabu dalagaa hojii qonnaatin walqabsiisun yoo ibsu "Namoonni hawaasa gara garaa keessa jiraatan duudhan isaan qaban keessaa afwalootti fayyadamuun isa tokkoo ta'uu danda'a". Afwalaloon yeroo hojii qonnaa irra caala kan dhiyaatan yeroo namoonni hojii qonnaa irratti gamtaadhan (daboodhan) hirmaataniidha. Inni kunis mataduree armaan gadii jalatti ibsamee jira.

## 2.13. Afwalaloo Hojii Daboo Qonnaa

Ummannioromooaadaa boonsaa ta'e hedduu qaba. Isaan keessaa gamtaan (daboon) dalagaa qonnaa hojjechuun isa tokkoodha. Afwalaloon Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addaatiin kan badhaadhedha. Kun ammoo namoota hawaasa keessatti muxxannoofi beekumsaan beekamoo ta'antu dhimma itti baha. Isa kanas hawaasni Oromoo irra caalan hojii qonnaa irratti bobba'anii jiran haala gaariin kan itti dhimma bahanidha.

Dhimma afwalaloo daboo hojii qonnaa kana Asaffaan (2009) akka ibsutti hawaasni gamtaan waliin bulu, waliin oomishu, waliin duulu ykn waliin adamsu, hawaasummaa, dinagdee fi amala walii isaa ilaalchisee afoolatti dhimma bahuun waliif ibsa. Dabalataanis, Misgaanuun (2011) "Afwalaloon meeshaa guddaa keessa namaa jiru kan ittiin bakkeetti baasanii ibsatan ta'ee innis waa'ee jaalalaa fi jibbaa, abdiifi abjuu fuula duraa, waa'ee uumaa fi uumamaa, waa'ee hojii fi roorroo kan ittiin ibsatanidha. Walumaagalatti gosoota afoola oromoo keessaa kan

afwalalummaa sirriitti kan qaban; geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu daboo, weedduu cidhaa, weedduu ayyaanaa, eebbaa fi kanneen kanafakkaatan ta'u" jedha.

Yaaduma walfaakaatun Fedhasaa (2013:49) waa'ee afwalaloo yeroo daboo qonnaa akka armaan gadiitti ibsa;

> *Afwalaloon aadaa oromoo keessatti gootummaas ta'ee bu'aa bayii jireenyaa walaloo dhaan waan ibsuuf waltajjii hawaasummaa irratti hurruubamuu jaallatamaa akka ta'e kan dubbatedha.Ummanni Oromoo aadaa isaa kanas afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsatudha. Durii jalqabee uummata oromoo biratti gochi waliin jireenyaa haala nama dinqisiisuun adeemsifamaa tureera.Har'as adeemsifamaa jira. Aadaa waliin jireenyaa kana keessaas daboon isa tokkodha. Haaluma kanaan hawaasni oromoo yeroo hojiis ta'ee dhimma garaagaraa keessatti afwalaloon kan wal barsiisaa fi walbashannansiisaa turedha.Afoolli bifa afwalaloon yeroo garaagaraa keessatti dhimmoota adda addaaf kan tajaajiludha.*

Afwaloon hojii daboo qonnaa qabu hayyoonni haala adda addaatin ibsu. Fakkeenyaaf, Misgaanuu (2011) isa kana ibsu "Afoolli of nama hubachiisa, namni afoola isaa beeku eessaa garamitti akka imalu waan beekuuf galii isaa illee ni beeka.kanaaf afoola irraa adda bahanii jiraachuun ulfaataadha. Haaluma kanaan afwalaloon daboo hijii qonnaa jechoota gaggabaaboo fi mimmidhagoo ta'aniin waan dhiyaatuuf amala onnachiisummaa miira namaa harkisuu kan qabudha" jedha.

## 2.14. Akaakuwwan Afwalaloo Hojii Daboo Qonnaa

Hawaasa Oromoo biratti afwalaloon haalota adda addaa irratti hundaa'uun bakka adda addaatti qoqqoodama. Yaada kana Fedhasaan (2013) akka ibsutti afwalaloon Oromoo qoqqoodinsa ofjalatti qabaachuu danda'uu isaati.Ulaagaan qoqqoodinsa kunaas ulaagaa qabiyyee, unkaa, haalaafi yeroo dhiyaannaati. Haaluma kanaan, qoqqoodins afwalaloo walaloo geerarsaa, weedduu ateetee, sirba ayyaanaa, walaloo eebbaafi abaarsaa, faaruulee amantaa, sirboota hojiifi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u. Kaniin keessaa qorannoo kanaan kan walitti hidhannaa qaban akka armaan gadiitti dhiyaatan.

### 2.14.1. Sirba Daboo Qonnaa

Sirbi daboo qonnaa afwalaloo jalatti kan ramadamu yoo ta'u,yeroo baay'ee miira gammachuufi jaalalaa keessattikan sirbamudha. Sumner (1996) akka jedhutti sirbi daboo qonnaa yeroo hojii qonnaa dirree irratti kan walaleeffamuudha jedha. Sirbootni kun hojjettoota jajuufi jajjabeessuuf haamilee namaa laachuuf kan sirbamuu dha jedha. Uummanni Oromoo yeroo hedduu sirbatti dhimma baha. Yeroo ayyaanaa, yeroo cidha gaa'ilaafi yeroo hojii keessatti haala garaagaraaf kan itti gargaaramudha. Afwalaloon sirbaa yeedaloo miidhagaa ta'eefi jechoota filatamoon waan dhiyaatuuf miira namaa harkisuu irratti humna guddaa kan qabudha.

Namoonni yeroo hojii qonnaa daboodhaan hojjetan hojii sana haamileen hojjachuuf sirboota adda addaa sirbaa hojjatu. Sirbi yeroo hojii namoonnii kaka'uumsa fi haamileedhan akka hojjatan kan gargaarudha. Sirboonnii yeroo hojii kunneenis waqtiilee hojii garagaraa keessatti kan sirbamaniidha. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun bakka adda addaatti kan qoodamu yoo ta'u isaan keessaa sirbi hojii daboo isa tokko.Sirbi daboo hojii qonnaa gosoota afwalaloo keessaa tokko ta'ee hojiiwwan tokko tokko keessatti kan weeddisaa hojjetan yoo ta'e hojii kanneen kaan irratti immoo erga hojjetanii ka'anii halkan yeroo boqonnaa isaanii afeerraan booda dhiichisuun kan sirbamidha (Misgaanuu, 2011).

### 2.14.2. Geerarsa Daboo

Dameen afwalaloo yeroo qonnaa dhimmi itti bahamu keessaa geerarsi isa tokkoodha. Geerarsi yeroo hedduu hiika kallattiifi quubsaa ta'e argachuu dhabuu dandeenya. Sababni isaas, hayyootni tokko tokko osoo hiikkoo itti hin kenniin faayidaa isaa ibsu. Kuuwwan immoo hawaasa Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaa ta'uusaa dubbatu. Hiika geerarsaa ilaalchisee Mulgeetan (2013:107) akkasitti ibsa.

> *Geerarsi afoola Oromoo keessaa isa tokko ta'ee kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti yeroo dhaadannoo, araaraafi yeroo seenaa ofii ibsachuu barbaadan itti gargaaramuun yaada adda addaa ittiin ibsatuudha. Uummanni Oromoo geerarsa yeroo geeraru harka duwwaa osoo hinta'in meeshaalee qara qaban kan akka eeboofi kanneen biroo harkatti qabachuun yeroo duulaa galaniifi waa ajjeesan yaada miira sammuu isaanii keessa jiru kan ittiin ibsatanidha jechuun barreesse.*

Akka yaada olii irraa hubatamutti geerarsi afoola oramoo keesaa tokko ta'ee hawaasni oromoo miira jiruufi jireenya isaa keessatti itti dhaga'ame, jagnumma, roorroo, seenaa keessa darbe

geerarsatti fayyadamuudhaan walii walii isaatti ibsatu fi yommuu geeraru immoo meeshalee adda addaa kanneen akka eeboofaa qabatee akka geeraru hubanna.

Asafaan (2009) maalummaa geerarsaa yommuu ibsu, geerarsi gosa wallee yookiin sirba aadaa Oromoo ta’ee, godinaalee Oromiyaa adda addaa keessatti akkaataan sagaleefi yeedaloo itti baasaniifi geeraranis ta’e sirni irratti geeraran adda addummaa xiqqaa yoo qabaateyyuu irra caalaa walfakkaachuu isaa ibsa. Yaadni kunis kan hubachiisu geerarsi aadaa Oromoo keessatti kan uummanni Oromoo aadaafi seenaa isaanii ittiin calaqqisiifatan keessaa isa tokkodha.

Geerarsi aadaa Oromoo keessatti kan Uummanni Oromoo aadaafi seenaa isaanii ittiin calaqqisiifatan keessaa isa tokkodha. Bukenya (1994:93) waa’ee faayidaa geerarsaa yoo barreessu, amala, gocha, ilaalcha yookiin shaakala hawaasicha gidduutti mul’atan, garuu kan uummatichi jibbu tokko tokko qeequudhaan akka sirratu akeekkachiisa.Geerarsi sagalee muuziqaa yookiin yeedaloo, walaloo of keessatti qabatee tapha humnaafi annisaa qabudha. Geerarsi aadaa Oromoo keessatti beekamaafi bakka guddaa kanqabudha.Aadaa Oromoo keessatti geerarsi iddoo olaanaa kan qabudha.namni geeraru waa malee hin qeeraru. Oromoon waan onnee isaa tuttuqu geerarsaan miidhagsee gadi baafata. Geerarsi walitti dhufeenya namaa ni jabeessas akkasumas ni qeeqas.Akkaatuma ibsa kanaatiin geerarsi yaada gaarii ta’e jajjabeessuufi kan hin barbaachifne qeequuf kan gargaarudha.

Geerarsi dandeettiifi ogummaa uumamaan argatan kan gammachuufi gaddaa, quuqqaafi seenaa, diddaafi booree ofii ittiin ibsatanidha (Geetaachoo, 2016). Kaayyoon geerarsaa inni guddaan onnee namaa dammaksuu, aadaa tursiisuu, eenyummaa ofii beeksisuu, kaayyoo tokkummaafi dhaabbata cimaa baay‟ee barbaachisaa ta‟an sammuu namaa keessatti kan uumudha. Geerarsi gosoota afwalaloo keessaa tokko ta'ee dhimmoota hedduuf geeraramuu kan danda'udha .Isaan keessaa geerarsi yeroo hojii daboo isa tokkodha. Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee,karaa ittiin fedhii, eenyummaa, komii, gaddaa fi gammachuu, cimminaa fi laafina kan ibsu yemmuu ta'u innis lafa daboo, jigii fi waamichaatti kan geeraramudha. Uummanni Oromoo geerarsa dhimmoota hedduuf itti gargaarama. Akkuma beekamu uummatichi waggoota hedduuf gita bittaa nafxanyaa jala turuun isaa beekamaadha.Yeroo kana keessatti quuqqaa gama siyaasaa, roorroofi cunqursaa isaa geerarsaan ibsachaa kan turedha.

Geerarsi daboo kaka'umsa hojii kan namatti horu yoo ta'u daboon walii walii isaaniif qeeqa qabu afwalaloo geerarsaan kan ibsudha. Kunis hojicharratti laafina yookiin dadhabina kan qabu qeequun miira dorgommii itti horuuf kan geeraramu yoo ta'u jajjabina kan qabuufi gootota misoomaa jechuun faarsuun cimee akka itti fufuuf geerarama.

### 2.14.3. Afwalaloo Eebbaa

Eebbi kan adeemsifamu namoota waljaallatan, waan gaarii waliif hawwan fi miira dhageettii waliif qaban gidduuttidha. Eebbi waan gaarii jedhamu hunda waan of keessaa qabuuf namni waan gaarii kan waliif fedhu kan jaalala walii qabudha.Eebbi nama hunda biratti fudhatama qaba.Sababni isaas dhimmoota jireenya namaaf barbaachisoo ta‟an, kanneen akka; badhaadhinaa, nageenyaa, hormaataafi jaalalaa waan ofkeessaa qabuufidha. Warquun (1993) akka jedhutti eebbi gosa afwalaloon dhiyaatu ta'ee innis karaa ittiinyaada hawwii gaarii waliif ibsanii fi waaqa waliif kadhatanidha. Eebbi daboos dhaamsa hawwii quufaa, badhaadhina, nageenyaa fi hormaata kan of keessaa qabu yoo ta'u jaalala, fedhii, hawwii gaarii waliif qaban gama misoomaa fi dinagdeen walqabsiifamee kan eebbifamudha

Haaluma kanaan hojii qonnaa irratti daboon yemmuu waliin hojjetu mukuu wal baasuuf, walqeequuf, wal komachuuf, waljajjabeessuu fi wal onnachiisuuf akka meeshaatti afwalalootti kan dhimma itti bahu yoo ta'u kana bira darbee gama hawwaasummaatiin, dinagdee fi siyaasaatiin bu'aa inni qabu afwalaloo yeroo daboo dhiyaatan hawaasicha keessaa guuruun qaaccessuun hojii qorannoo kana keessatti kan ibsamudha.

## 2.15. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoon kuni kan geggeeffame ija afoola bu’uura godhachuudhani. Afoolli Oromoo calaqqee jiruufi jireenya uummata isaati.Akka Maammoo (2016) addeessutti jiruufi jireenyi uummata Oromoo afwalaloo keessatti calaqqisa.Uummanni kuni bakkee Tulluu, Malkaa ,Odaan jirutti waaqa kadhatu.Qabeenya naannoo isaanitti argamus miidhaa osoo irraan hin gahin seeraafi safuu ittiin dhimmaa bahan qabu. Amantaan isaaniis kan jalqabaa ganamaas (Oromo indigenous religion), Qaalluu, Ayyaana, Irreechaafi kkf.dha (Asafaa 2009). Kanaafuu afwalaloon faaruu loonii aadaa hawaasichaa bu’uura godhachuun yoo qoratame ergaan inni dhalootaaf dabarsu ifatti mul’achuu danda’a jechuun yaxxina kanatti dhimma bahamee jira. .

Lammaffaa yaaxxinni qorannoo kanaaf dhimma itti bahae xinqeeyyaa (ecology)dha. Sababni isaatis afwalaloon Oromoo jechoota xinqeeyyaatiin walqabatee kan dhimma itti bahamuudha.

yaada kana akka itti aanutti hubachuun nidanda'amaKana jechuuniis afwalaloon Oromoo maqaa bakkeewwaniifi uumamaa kanneen nakka gaarren, laggeen, mukkaan biqiloota gara garaa, sulula, roobafi kkf.tti dhimma bahuun hurruubama. Jechoonni maqaa bakkeewwaniifi uumaman walqabatanii faaruu kana keessatti dhiyaatan aadaa hawaasa naannoo sanaa waliin hariiroo akkamii akka qaban xiinxaaluuf yaaxxina kanatti dhimma bahamee jira.

## 2.16. Yaad-hiiddama Qorannichaa

Sakatta'a barruu keessatti qabxiin ka'uu qabu inni biraan yaadiddama qorannichi irratti gaggeefamuudha. Gosa qorannoo kam keessttuu yaadiddamni gahee olaanaa qaba. Akka Fileen (2016:46) ibsetti, yaadiddama mata-duree tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun kallattii qorannoo itti agarsiisuufi malleen qorannoo barbaachisaa ta'an filachuuf, yaada adda addaa walbira qabanii madaaluuf, qeequuf, sakatta'a barruu filachuuf, kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan ga'uuf murteessaadha.

Yaadiddamoonni qorannoof oolanis: yaadiddama bocummaa, yaadiddama seenaa, yaadiddama caaseffamaa, yaadiddama aadaa heddee, yaadiddama deebisanii ijaaruu, yaadiddama haalawaa, yaadiddama tajaajilaa, yaadiddama ga'umsaafi sanyaabsaati. Yaadiddamoota kanneen keessaa mataduree qorannoo ibsaa waliin kan deemu yaadiddama tajaajilaafi yaadiddama haalawaa waan ta'eef qorattuun kun bu'uura qorannoo ishee taasifattee jirti.

### 2.14.1. Yaad-hiddama Tajaajilaa

Yaadiddamoota fookloorii qorachuuf gargaaran keessaa tokko yaadiddama tajaajilaa akka ta'e Simsfi Stephens (2005) ibsaniiru. Akka yaadiddama kanaatti afoolli tokko faayidaan inni ummataaf qabu maali? Yaada jedhu irra dhaabatee qoratamuu qaba. Kana jechuunis fakkeenyaaf mammaaksi murtii seeraa kennuuf, gorsuuf, akeekkachiisuuf, sirreessuuf, komachuuf, jajjabeessuufi kkf.kan tajaajilu yommuu ta'u hiibboon dhugaa qaruufi hawaasa naannoo tokko jiraatu saalaan, umriidhaan, sadarkaa jireenyaatiin (social class) adda baasuun beekuuf gargaara.

Afoolli adda addaa faayidaa adda addaa akka qabu qorannoo isaa keessatti adda durummaan kan itti fayyadame Kanaaf qu'annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin gaggeeffamuu kan qabuudha. Faayidaan kunis barsiisuu, miliqsuu, murtii dabarsuu, jajjabeessuu, dhugaa qaruufi kan kana fakkaatan akka ta'e ibsee jira. Kanaafuu, qorannoon kana keessattis tajaajila afwalaloon yeroo qonnaa kennu kan xiinxalameedha.

### 2.14.2. Yaad-hiddama Haalawaa

Dayeessi kun yaadrimeen afoolaa kan jiru wanta dhiyaatu sana keessa osoo hitaane, yoomessa hurruubummaa sana keessa jira jedha. Yaadiddama kana deeggaruun Dorson (1972:45) yoo ibsu, "*The folklore concept applies not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated*" jedha.

Akka yaadiddama kanaatti afoolli tokko hiika qabeessa kanta'u yoomessa sana keessatti yeroo adeemsifamaa jiru akkaataa raawwii isaafi miira hurruubdotaa irraa waa hubachuun qofa akka ta'eedha. Knis wanti jechaan ibsamuu hindanda'amne kan miira hurruubdotaa irraa dubbifaman hedduun waan jiruufi. Kana malees bakkii fi haalli afoolli sun keessatti adeemsifamu mataansaa hiika guddaa qaba. Afoolli tokko iddoofi haala isaatiin ala yoo dhiyaate miira namaatti hintolu. Fakkeenyaaf, itti fayyadama afwalaloo yeroo qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuu hiikkaan afwalaloo jedhamuu hiika walqixa ta'e hiqabu. Qorannoo kanaafis odeeffannoon afaaniin qofa argamu gahaa waan hintaaneef yaadiddamni kun barbaachisaa ta'eera.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

## 3.1. Gosa Qorannichaa

Gosti qorannoo kanaa qorannoo dirreeti.Akka Addunyaa (2011) addeessutti yoomessaa keessatti geggeeffamu irratti hundaa'uun,qorannoo mana kitaabaafi qorannoo dirree jedhamee bakka lamatti qoodama. Qorannoon kunis gama kanaan yoo ilaalame, afwalaloo yeroo qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuf tajaajilan hawaasicha keessaa walitti qabuun xiinxaaluu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo dirree jalatti ramadama.

Gama biraatiinis qorannoon akkaataa ragaan ittii funaannamee qaacceffamu irratti hundaa'uun yoo ilaalame lakkoofsawaafi qulqullaawwaatti qoodamuu danda'a. Akka Dastaa (2002) ibsutti qorannoon qulqullaawaa aadaa hawaasaa, xinsammuu, barnoota, siyaasaafi kkf. qorachuuf kan gaggeeffamuudha. Qorannoon kunis aadaa hawaasichaa keessatti ergaan afwalaloo sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuu gama kamiin hubatamuu akka danda'u addeessu irratti xiyyeeffata waan ta'eef, qorannoo qulqullaawaa jalatti ramadama.

## 3.2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun bakkewwaniifi uumama afwalaloo yeroo qonnaa kessatti dhiyaatan bu'uura qodhachuun ergaa afwalaloo kanaa xiinxaluu irratti xiyyeeffate. Qorannoo jiruufi jireenya hawaasaatiin walqabate tokko geggeessuuf malli mijataa kan ragaan ittiin funaannamu daawwannaa, mariigareefi afgaaffii akka ta'e Dastaa (2002) ni addeessa. Dabalataanis,Singh (2007) akka ibsutti qorannoo tokko keessatti gaaffii akkamitti jedhu kaasuun bal'inaan qorachuun addeessuuf haala mijataa kan ta'e mala qorannoo akkamtaatiin akka ta'e addeessa.

Kanaafuu bakkeewwaniifi uumaama afwalaloo yeroo qonnaa keessatti dhiyaatan bu'uura godhachuun ergaan qabiyyeen isaa maal akka ta'e ifa gochuuf malli qorannoo kanaaf mijataadha jedhee ani itti fayyadame mala akkamtaati. Sababni isaatiis afwalaloon kuni akkamitti akka dhimma itti bahamuufi haala akkamii keessatti akka dhimma itti bahamu mara hubachuun addeessuuf jechootatti fayyadamuun xiinxalamani jiru.

## 3.3. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuun dura adeemsa qorannichi ittiin adeemsifamu beekuun barbaachisaadha. Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa yookiin qorannoo qulqulleeffataadha. Qorannoo akkamtaan gosa qorannoo allakkoofsaa yoo ta'u ragaan argamu

jechaan kan hiikamudha. Qorannoo tokko haala gaariin adeemsisuuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, afgaaffii, sakatta'a barruulee fi meeshaalee argaadhageettii fayyadamuuniidha. Qorannoon kunis tooftaa afwalaloo yeroo hojii qonnaa qaaccessuuf mijaawu gosa qorannoo akkamtaatti gargaaramuun hawaasa keessaa funaanuun kan qaacceffamanii jiru.

### 3.4. Madda Ragaalee

Hojii qorannoo tokko milkeessuuf madda ragaa haala gaariin gargaaramuun barbaachisaadha. Hojii dirree qorannoo itti seenuun duras madda ragaa qorannichaa tilmaamuu fi murteessuun barbaachisaa ta'a. Qorattuun madda ragaa tokkoffaa keessatti ragaahimtoota bira deemuun fuulaa fuulatti walgaafachuuniifi deebii kennuun qorannoo kana geggeessitte. Qorannoon kunis madda ragaa tokkoffaa fi madda ragaa lammaffaan kan adeemsifame yoo ta’u maddi ragaa tokkoffaan manguddoota Oromoo aanichaa yoo ta'an isaanis qotee bultoota kan ta’aniifi afwalaloo keessatti qooda kan qabaniidha. Maddi ragaa lammaffaan immoo barruulee gara garaa sakatta'amanidha.

### 3.5. Iddattoofi Iddatteessuu

Idattoon hawaasa qorannoon irratti adeemsifamu keessaa kan fudhatamu yoo ta'u isaanis namoota dhimmicharratti hubannoo gahaa qabu jedhamanii fi bakka namoota hundaa bu'uun odeeffannoo kan kennan ta'uu qabu. Kunis kan barbaachiseef namoota hunda haasofsiisuuf hanqinni yeroo fi baajataa nama mudachuu waan danda'uuf gosa qorannoo qulqulleeffataa kana keessatti iddatteessuun kaayyeffannoon kan adeemsifameedha.

Haaluma kanaan qorannoon kun gosa iddattoo mit-carraa yookaan kaayyeffannoo gargaaramuun namoota qotee bultoota ta’aniifi afwalaloo yeroo qonnaa irratti hubannoo qabu jedhamaniidha. Haaluma kanaan mala mit-carraatiin gosa iddatteessuu darbaan dabarsaa fi iddatteessuu akkayyoon namootni kun kan filatamaniidha.

### 3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokkoo sirnaan adeemsisuufi ragaa qulqulluu argachuuf meeshaaleen funaansa ragaalee barbaachisaadha. Kunis milkaa'uu kan danda'u meeshaalee funaansa ragaalee haala gaariin funaanu danda'an yoo fayyadamnedha. Kanaafuu, qorannoo kanaaf ragaan barbaachisaa ta’e kan funaaname afgaaffii banaa, daawwannaafi marii garee gargaaramuudhani.

### 3.6.1. Afgaaffii Banaa

Af-gaaffii keessatti namni odeeffannoo kennuu barbaade yaada isaa sirriitti bal'isee kennuu danda'a (Filee 2019). Kana malees, malli funaansa ragaalee afgaaffii afaaniin dubbatamu caalaa sochii namoota odeeffannoo kennanii irraa odeeffannoo dabalataa argachuuf kan qorataa gargaaru ta'uu hubatama. Afgaaffiin mala qorannoo akkamtaa ittiin geggeessan keessaa isa tokko akka ta'e addeessa. Kunis malli funaansa ragaalee afgaaffii beekumsa, ilaalcha, tilmaama, hawwii, akkaataa hojii, haala jireenya nama odeeffannoo kennuufi kkf. qorattuun akka hubannoo argatu gargaaruu danda'a. Kana irraan kan ka'e malli afgaaffii kuni hojii qorannoo kanaaf dhimma itti bahuun danda'amaeera. Kanuma irraa ka'uun hawaasa Oromoo gandoota daangaa qorannichaa keessaatti argaman gandoota filataman keessatti haala itti fayyadama afwalaloo yeroo qonnaa irratti namoota 10 irraa odeeffannoon fudhatamee jira.

### 3.6.2. Marii Garee

Mariin garee toofataa namoonni walyaadichiisanii dhimma tokko irratti odeeffannoo kennaniidha. Akkuma Neuman (2007) ibsutti yaada namni tokko beekuu inni biraa beekuu dhiisuu danda'a.yaada namni tokko dagate namni biraa yaadatee ibsuu akka danda'a. Kanaafuu namoota 12 waa'ee afwalaloo yeroo qonnaa irratti hubannoo qaban gaaffilee qorannoo kanaaf dhiyaate irratti wal yaadachiisanii odeeffannoo akka kennan taasifamee jira.

### 3.6.3. Daawwannaa

Meeshaalee funaansa ragaalee keessa daawwannaan qorannoo aadaa hawaasa tokkoo geggeessuuf itti fayyadamuun bu'aa guddaa qaba (Filee 2019). Kana irraa ka'uunis ergaa afawalaloo yeroo qonnaa xiinxaaluun walqabatee qabxiilee daawwannaaf mijatoo ta'an qopheessuun mala kana dhimma itti baheen jira.

Malli kuni gaaffii qorattuun qopheeffatteen alas odeeffannoo dabalataa akka argattuuf karaa saaqa. Akka Geetaachoo (2013) ibsutti qorattuun af-gaaffiin alas daawwannaadhaan odeeffannoo sassaabbachuu barbaaddeen alattis raga gaaffii qorannoo isheetin walqabate akka hubachuu dandeessisa. Kunis qorattuun odeeffannoo sassaabuuf namoota ykn naannoo qorattu sanatti waan raawwatamu ija isheetiin daawwachaa wanta dura hubacuuf karoorsiteen alatti odeeffannoo dabalataa argachuu dandeeche jirti.

### 3.7. Mala Qaacceessa Ragaalee

Qorannoo afoolaa jiruufi jireenya hawaasaa irratti xiyeeffate odeeffannoo funaanname mala jechootaan addeessutiin qaaccessuun mijataadha. Kana jechuunis odeeffannoo jechaan funaanname seenaa, aadaafi duudhaa hawaasichaatiin walqabatee hiikkaan maqaa bakkeewwaniifi uumama faaruu loonii keessatti dhiyaatanii maal jechuu akka ta'e hiikkaan itti kennun ergaa faaruu kanaa xiinxaluun barbaachisaadha.

Afwalaloo yeroo qonnaa kanas malleen funaansa ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi mariigareetti dhimma bahamuun funaannaman hiikkaa itti kennuun ragaalee argames tooftaa akkamtaatiin ergaan afwalaloo kanaa boqonnaa afraffaa jalattii xiinxaalamee jira.

Ragaaleen argaman od-himtoota irraa argame qoqqoduun jechaan kan hiikaman ta'u. Akka Addunyaan (2011) ibsutti qaaccessi odeeffannoo qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuun irra deebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruun, qoqqooduu, hiikuu fi ibsuun adeemsa qorataan tokkoo hordofuu qabudha. Haaluma kanaan afwalaloowwan yeroo qonnaa dhiyaatan hawaasicha keessaa walitti qabaman qoqqooduun, hiikuu fi qaaccessuun kan ibsaman ta'u jechuudha.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCEESSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Kutaan (boqonnaan) qorannoo kun ragaalee meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatin argaman dhiyeessuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Akkuma armaan olitti ibsametti kaayyoon qorannoo kanaa afwalaloo yeroo qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiidha kakaasan xiinxaluudha. Kaayyoo qorannichaa kana bu'uura godhachuudhan ragaaleen barbaachisaa ta'an af-gaaffii, marii gareefi daawwannaadhan walitti qabamanii jiru. Ragaaleen argaman kunniin haala aemaan gadiitti dhiyaatanii xiinxalamanii jir. Qaacceessi ragaalee kuniinis mata dureewwan lama jalatti dhiyaatanii kan xiinxalamaniidha.

## 4.2. Afwalaloo Yeroo Qonnaa Sangoolee Faarsuu

Itti fayyadama afoola Oromoo keessatti hawaasno Oromoo afoola wantoota gara garaatif dhimma itti baha. Dhimmoota adda addaa hawaasni Oromo oafwalaloo fayyadamuun ibsatu keessaa inni tokkoo yeroo hojii qonnaa sangoota faarsuudhan achuma keessatti ergaa barbaachisaa ta'e dabarfachuudha. Kanumaan walqabatee, afwalaloowwan yeroo af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan gaggeeffame walitti qabaman ergaan isaan qabaniifi kaayyoon itti fayyadama isaanii xiinxalamee jira. Yaada kanaan walqabatee afwalaloon yeroo af-gaaffii hirmaatan tokkoo kennan kan armaan gadiiti ture.

*Qotiyyoon qottuu wayyaa*

*Kan qottee ganna baatuu*

*Qottuun gabaabduu wayyaa*

*Kan hordaa jala baatu* (Obboo Maaruu, 24/07/2016)

Afwalaloon armaan olitti hirmaatan himan kun kan cimina sangoolee yookin qottiyyoo ibsuudhaf dhimmi itti bahameedha. Kunis, qottiyyoon cimna qabdu hojii qonnaa irratti waan akka barbaadametti ooluu danda'aniif hojii qonnaa irratti bu'aa olaana qabu jechuu ta'a. Gara biraatin immoo, sangoota hojii qonnaatif oola jiran faarsuun alatti namoota dalagaa qonnaa irratti hirmaatan yookin boba'an kan sangoolee cimoo hintaanen qotaa jiran qeequn akka sangoolee ittiin qotan nyaachisuun cimsan isaan qeeqa. Kanaafuu, guyyaa qonnaa qotilee yookin sangoolee qonnaa nyaachisuun barbaachisaa akka ta'e ergaa dabarsa. Akkuma walii galaatti, afwalaloo

kanarraa hubachuun kan danda'amu yeroo qonnaa sangooleen akka hindadhabne nyaachisuun cimsuun barbaachisuu ta'uudha.

Gara biraatin immoo itti fayyadama afwalaloo sangoolee faarsuu keessatti yeroo wantoota yookin meeshaalee gara garaatin walqabsiisantuu mul'ata. Kana keessatti kan barbaadame faayidaan qottiyyoon qonnaa qabdu kan hunduma caaluufi jiruufi jireenya ilma namaa keessatti bakka olaana kan qabu ta'uu agarsiisa. Fakkeenyaaf, yeroo mariin garee gaggeefametti afwalaloon faaruu qottiyyoo (sangoolee qonnaa) akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

*Kilaashiin mana jirtuu*

*Gaafa lolaaf qorichaa*

*Qotiyyoon mana jirtuu*

*Gaafa qonnaaf qorichaa*

*Qoti qoti yaa gurraacha*

*Qotuu maaltu fakkaataa*

*Qoti qoti yaa burree*

*Qotuu maaltu caalee* (Obboo Baqqee Simee, 24/07/2016)

Faaruu sangootaa kan armaan olii haala afwalalootin dhiyaate kanarraa dhimmoota adda addaa hubachuun nidanda'ama. Gama tokkoon, akkuma kilaashiin guyyaa lolaa barbaachisa ta'u qottiyyoon yeroo qonnaa beenladoota manaa hunda caalaa barbaachisaa ta'uu afwalaloo kanaan ergaan darbuudha. Gama biraatin immoo, dalagaa qonnaatif qotiyyoo qabaachuun qotee bulaa tokkoof murteessaa akka ta'eefi qotee bulaan qotiyyoo hinqabne akka qotachuu hindandeenyefi deegan kan dararamu ta'uu ibsuuf akka dhimmi itti bahamu ergaa afwalaloo kanarraa hubachuun nidanda'ama. Waan kana ta'eef, qotoyyoo qabaachuu qofa osoo hintaane nyaata isaanii seeran nyaachisuun cimsuun akka barbaachisu yaada afwalaloon kanaan walqabsiisun hirmaatan marii garee kun kennanirraa hubachuun danda'amee jira.

Yaaduma armaan olitti ibsame kanaan walqabsiisun raga od-himtoota irraa argamerraa hubachuun akkuma danda'ametti hawaasa Oromoo biratti qonni jiruufi jireenya ilma namaatiif

murteessaa yoota'u qonna kanaaf ammoo bifa aadaatiifi ammayyaatiin kan qotamuudha. Aammayyaadhaan konkolaataadhaan yoota'u gama aadaatiin ammo qotiyyoo yookin sangootaani. Kana keessatti uummannii Oromoon aadaa walqarqaarsaa kan qabuufi tokkummaafi hawaassummaa daandii ittiin cimsatan keessaaa tokkoo yoota'u, sangoota yookan qotiyyoo faarsanii ittiin qotan. Yeroo akkanaa kanas namoota qonna irratti hirmaatanis ta'ee sangoota faarsuun hojii qonnaa irratti kaka'uumsa argachuuf jecha afwalaloowwan gara garaatti dhimmi bahama. Haaluma kanaan, yeroo funaansa ragaalee hirmaatan tokkoo afwalaloo armaan gadii yeroo qonnaa qotiyyoo faarsuuf dhimma itti bahamu kana himanii ture.

*Akka jedhee sangaa qotiyyonii*
*Akka jedhee sangaa qotiyyonii*
*Fardaaf harree gorboo itti ijaartaa*

*Ana badaatti maaliif nadhaantaa*
*Ana badaatti maaliif nadhaantaa*
*Itti ejjadheetan buqisa daarii*
*Achan sirraa fageessa shigaarii*
*Achan sirraa fageessa chigaarii*
*Yoon gabbadhe birriitti nalaaltaa*
*Yoon huuqadhe badaatti nadhaantaa*
*Yoon huuqadhe badaatti nadhaantaa*
*Yoon dadhabe qaceedhaan nafaayixaa*
*Kiyya galanni kana faan deebi'aa.*
*Kiyya gallaanni kanafa'aan deebi'aa*
*Qoricha qotiinsaa akkamitti quufanii*
*Akkamitti dhaadanii daarii buqqisanii*
*Oolanii haagalanii galanni kan isaanii*
*Warri qotiyyoo kooree kosii jala qotaa*
*Kosiin garbuu magarsaa*
*Kosiin midhaan jiigsaa*
*Kosiin marga magarsaa*
*Yaa warra loonii warra loonii*

*Looni looni areera jaarsaa*
*Looni looni areera jaartii*
*Loon looni areera jaartii*
*Yaa handarii ganamaa yaatu hoo*
*Qawween ambaa kan namaa hin taatu hoo*
*Loowwan ammaa kan durii hin caaltu hoo*
*Horaa, horaa yaaloon wayyoo*
*Loon qotilee wayyaa*
*Qotiyyoo qottuu wayyaa*
*Beenu mee kuullee kiyyaa*
*Margaan sigahuu wayyaa*
*Margaan sigahuu wayyaa* (Sintaayyoo Waaqtolaa, 24/07/2016)

Afwalaloo armaan olitti dhiyaate kanarraa dhimmoota hedduu hubachuun nidanda'ama. Hawaasa Oromoo biratti fradii yookin harreen mana keessatti bakki bulaniifi itti nyaatan qophaa'efii jiraatu. Garuu, qotiyyoon akka fardaafi harree kanatti kan bakki buluufi itti nyaatu kan hinqopheefnef ta'uufi bakkee yookin dirree irratti hidhamee kan qorriifi bokkaan irratti bu'uudha. Kuni immoo aadaa hinbarbaachifne ta'uu ergaan afwalaloo kanaa ni hubachiisa.

Gara biraatin immoo afwalaloo faaruu qotiyyoo kanarraa hubachuun kan danda'amu namni tokkoo deega yookin rakkoo keessaa bahuu kan danda'u yoo qote waan ta'eef kanaaf immoo qotiyyoo ittiin qotatu qabaachuun barbaachisaa akka ta'eedha. Waan kana ta'eef, qotee bulaan qotiyyoo haala kanaan deega yookin rakkoo keessaa isa baaftu tana gara jabeenyan itti fayyadamuu osoo hintaane kunuunsuu akka qabu ergaa afwalaloo kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Dabalataanis, yaada afwalaloo kanaatirraa hubachuun kan danda'amu namni qotiyyoo qabu waan deegne isa hintuqneef maatii isaa waliin yeroo hunda kooree jiraachuu akka danda'uudha. Kana malees, hawaasa Oromoo biratti loon akka qabeenya guddaatti laalama. Garuu, qotiyyoon loon hunda kan caalan ta'uu ergaan afwalaloo kanaa ni agarsiisa. Haaluma yaada kana cimsuu danda'uun, marii garee irratti hirmaatan tokkoo afwalaloo armaan gadii himanii ture.

*Fardaafi harree gorboo itti ijaartaa*

*Anabadaatti maaliif nadhaantaa*

*Itti ejjadheetan buqisa daarii*

*Achan sirraa fageessa chigaarii* (Obboo Namee Abbabaa, 27/07/2016)

### 4.3. Afwalaloo Yeroo Qonnaa Namoota Hojiidhaaf Kakaasuu

Hawaasa Oromoo biratti yeroo qonnaa afwalaloo fayyadamuun ergaa barbaachisaa ta'e dabarfachuun aadaa hawaasichaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma armaan olitti ibsametti wantoota afwalalootti dhimmi itti bahamu keessaa tokkoo sangoota yookin qotiyyoo ittiin qotan faarsuudha. Kana malees, yeroo qonnaa afwalaloon namoota hojiidha kakaasuu keessatti gahee guddaa qaba. Yaaduma kana bu'uura godhachuudhan afwalaloowwan yeroo qonnaa namoota hojiif kakaasuf tajaajilan hirmaatotarraa akkasumas dawwaannaadhan walitti qabaman armaan gaditti dhiyaatanii xiinxalamanii jiru.

Afwalaloowwan yeroo ragaan funaanamu argaman keessaa tokkoo kan armaan gadii yeroo af-gaaffiin gaggeeffamu argameedha.

*Dhadhabataan qotiyyoo*

*Koobii marga isaa jigsee*

*Biyyoo isaatti boorrataa*

*Tattaafataan qotee bulaa*

*Qaljiin mar'immaan jigsee*

*Callaasaatti boorraataa* (Obboo K/Huseen Hajjii, 24/07/2016)

Akkuma afwalaloo kanarraa hubatamu qotee bulaa cimaan kutannoon beelaafi dheebuu,qorraafi rooba,akkasumas aduu damdamatee humna isaafi haamilee isaa guutuun hojiitti kan tattaafatuudha. Kunis kan ta'u qotee bulaa cimaan lafa qaljii qotee caallaa gaarii irraa argachuun jireenya isaa fooyyeessuun jiraata. Kanaafuu, qotee bulaan carraaqqii guddaa yoo taasise jireenya qannoo akka jiraatu hubachuun nidanda'ama.

Namni tokkoo yeroo humna qabu hojechuun barbaachisaadha. Osoo humna qaban qotanii nyaachuun osoo danda'amu deegun akka hinbarbaachifne afwalaloon armaan gadii ni hubachiisa.

*Gababina deeguuree*

*Dheerina gugguufuuree*

*Humna jirtu deeguuree*

*Deega jirtu taa'uuree*

*Deega koo yaa farrisaa*

*Turamman si fannisaa* (Obboo Naa'ol, 27/07/2016)

Akka yaada afwalaloo armaan olii kana keessatti hubatamutti osoo humna qabanii hojjechuun murteessaa akka ta'eefi hojjennaan deega keessaa bahuun akka danda'amuudha. Kana malees, yoo cimanii hojjetan duruumoon akka danda'amuufi ta'uu baanan garuu jiruu gadi aanaa keessa jiraachuun akka dhufu yaadni af-walalichaa nu hubachiisa. Kana keessattis qotee bulaan cimee akka qotuu qabu ergaan dabarfamee jira.

Qotee bulaan jiruufi jireenyi isaa qotee oomisha argatu irratti hundaa'a. Kanaafuu, yeroo qonnaa ciminaan qotuu dhiisanii yoo rakkoon dhufte rabbi komachuun akka hinbarbaachifne yeroo qonnaa afwalaloodhan wal akeekkachiisu. Fakkeenyaaf, afwalaloon armaan gadii hirmaatotarraa argame kanuma kan hubachiisudha.

*Tuttuulanii fe'anii*

*Wadala hin komatanii*

*Tuulamanii taa'anii*

*Rabbiin hin komatanii* (Obboo Namee Abbabaa, 27/07/2016)

Yaadni afwalaloo kanaa kan agarsiisu hojii malee (qotuu dhiisanii) tuulamanii taa'anii osoo hin hojjetiin taa'anii rabbiin eeggachuunis ta'ee komachuun akka hin barbaachisneedha. Kanaafuu,

jiruufi jireenya keessatti hojjetan malee rakkoo namarra gahuu danda'uuf furmaanni akka hinjirre hubatama.

Uummata Oromoo biratti "Yoo olkaahan olkaatanii fuudhan" jedhama. Kunis, kan agarsiisu qotee bulaan tokkoo yeroo qonnaa eeggatee yookin yeroo humna qabu yoo qotuu baate yeroo oomisha itti fayyadamuu qabu akka rakkatu afwalaloon asii gadii ni agarsiisa.

*Arfaasaa qotan malee*

*Birraa maal oomishuu*

*Qeerrummaan qotan malee*

*Niitii fuudhaan maal nyaatuu* (Obboo Naa'ol, 27/07/2016)

Akka yaada afwalaloo kanarraa hubatamutti namni yeroo humna qabutti oomisha isaa oomishee yeroo dargaggummaa ofii dhibaa'ummaa hir'isani humna ofiif onnee ofii guutuun yoo dalagan booda gaafa niitii fuudhan jireenya gaarii nijiraatu. Kanaafuu, qotee bulaan haala gaariin tattaaffatee yoo oomishatti seene jireenya deegaa osoo hintaane jiruu badhaadhinaa keessa akka jiraachuu danda'u ergaan afwalaloo kanaa nihubachiisa. Haaluma walqabateen, afwalaloon yeroo qonnaa armaan gadiitillee cimanii hojechuun (qotuun) akka barbaachisu agarsiisa.

*Dilbiin qoosaatti hin dhufuu*

*Gindii lafatti cufuu*

*Jilbaan lafatti kufuu*

*Beelatti Karaa cufuu*

*Harqoota yaa gooleekoo*

*Situ baase booreekoo* (Obboo K/Huseen Hajjii, 24/07/2016)

Akkuma beekkamu dalagaan qotee bulaa yoomiyyuu kan walirraa cituu miti. Wanti hojjetamu gara gara haa ta'u malee gannas ta'ee bona hojiin qotee bulaa nijira. Afwalaloon armaan gadiillee kanuma kan agarsiisudha.

*Ganna naaf darbaa jedheen*

*Bacaqii boraafadhee*

*Bona naaf darba jedheen*

*Awwaara boraafadhee*

*Fardatuu garbuu lixee*

*Baratu darbuu didee* (Obboo Margaa, 24/07/2016)

Yaadni afwalaloo kanaa kan agarsiisu ganna dhoqqeedha, bona dhukkeedha osoo hinjedhiin hojii qonnaa cimanii hojjeetani jiraachuun barbaachisaa ta'u isaati. Dabalataanis, nuffii malee qotee bulaan dalagaa qonnaa irratti akka hirmaachuu qabu ergaan afwalaloo kanaa agarsiisa. Kanaafuu, cimanii tattaafachuun rakkoo keessaa akka nama baasu afwalaloon armaan gadiitillee hubachiisa.

*Qallattee milli hincabduu*

*Deemtee tabbaa baati malee*

*Rakkoof dhiirri hinbadduu*

*Xaarattee keessaa baatii malee* (Obboo Margaa, 24/07/2016)

Namni hin hojjenne yeroo kamiyyuu rakkoo keessaa bahuu hindanda'u. Akkuma kana qotee bulaan tokkoo yeroofi humna qabu fayyadamuun yoo kan hin qonne ta'e yeroo oomisha argatee itti fayyadamuu danda'utti rakkataa ta'a. Isuma kana afwalaloo yeroo marii garee argame kan armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

*Bara baraan rakkachuun*

*Rakkataa namaa godhaa*

*Cimanii qotuun*

*Sooressa namaa godhaa* (Aaddee Meetii Tolaa, 27/07/2016)

Ergaan afwalaloo kanaa inni guddaan furtuun rakkoo ijoon cimanii hojechuu qofa akka ta'eedha. Gara biraatin immoo namni qonnaan jiraatu tokkoo yoo cimee hojii isaa kan hin hojjenne ta'e yeroo namoonni cimanii qotan jiruu gaarii jiraatan kan rakkatuufi harka namaa eeggatu ta'a. Waan kana ta'eef, cimanii qotuu dhiisanii 'rakkataa' namaan jechuurra cimanii qotanii sooressa ta'uun akka barbaachisu yaada afwalaloo kanaarraa hubachuun ni danda'ama. Akkuma afwalaloon asii gadi jiru dabalataan agarsiisutti namni rakkataa ta'e carraan inni qabu biyyaa bahuudha.

*Harree koo yaa mollaa*

*Kan naaf baatuu*

*Deega yaa qullaa*

*Kan biyyaa namaa baasuu* (Obboo K/Huseen Hajjii, 24/07/2016)

Akkuma walii galaatti, xiinxallii ragaalee armaan olitti taasifame irraa akkuma hubachuun danda'amu hawaasa Oromoo biratti afwalaloodhan erga dabarfachuun kan yeroo dheeraf dhimma itti bahamaa tureefi ammas hojiirra oolaa jiruudha. Keessa'uu, afwalaloon yeroo qonnaa hojii kaka'umsaa fi miira onnachiisummaa nama gidduutti uumuun faayidaa hojii fi fedhii hojii qabaachuu kan ittiin wal hubachiisanidha. Waan kana ta'eef, afwalaloon yeroo qonnaa kan namoonni bu'aa qonna irraa argatanii fi gufuu qonna irratti isaan mudate, furmaata rakkochaa fi fedhii qonnaaf qaban ittiin ibsatanidha. Kanaafuu, aadaa uummata Oromoo keessatti yeroo qonnaa afwalaloon dhimmoota lamaaf dhimma akka itti bahamu ragaan qaacceeffame ni agarsiisa. Isaanis, qotiyyoo faarsuufi namoota hojii qonnaa irratti hirmaatan cimsuufi qeequufi.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun mata duree sadii ofkeessatti qabata. Isaanis, Cuunfaa, Argannoo fi Yaboodha. Qabxiileen kunis duraa duubaan haala armaan gadiin dhiyaataniiru.

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree Afwalaloo yeroo qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakaasuu hawaasa Oromoo Godina Baalee Aanaa Sinaanaa irratti kan geggeeffamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa afwalaloowwan yeroo qonnaa itti gargaaraman qaaccessuun barreeffamaan dhaloota duubaan dhufaniif olkuusuudha. Qorannoon kunis mala akkamtaan adeemsifamee jira. Iddattoon mit-carraan kan filatamedha. Namoota naannoo sanii waa'ee afwalaloo irratti hubannoo qaban irraa odeeffannoon karaa afgaaffiifi marii gareetiin walitti qabaman qacceffamaniiru.

Hawaasicha biratti gosootni afwalaloo yeroo qonnaa sangoolee faarsuufi namoota hojiif kakasuf oolan. Isaanis haala dhiyaannaa isaaniitiin hojii qonnaa irratti bakka hojiitti kan dhiyaatanidha.Tokkoon tokkoon afwalaloo kunis boqonnaa afur jalatti dhiyaatanii xiinxalamanii jiru. Kanuma irratti hundaa'uun argannoon qorannoo kanaa akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

### 5.2. Argannoo

Qorannoo kana keessatti ragaan kallattii adda addaan argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikamee jira. Gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an irratti hundaa'uun argannoon akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

- Aragannoon qorannichaa akka agarsiisutti fwalaloon yeroo qonnaa dhiyaatu yaadotni gamasiyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa, aadaa hawaasaa, dhugaa achi keessatti mul'achuu kan danda'anidha.
- Afwalaloon yeroo hojii qonnaa fedhiifi kaka'umsa hojii namatti horuun hojii oomishaatiif milkaa'ina kenna. Innis bu'aa hojii irratti hubannoo kan namatti horuufi namoota gidduutti miira waliin dorgommii uumuun hojii qonnaa irratti akka ciman taasisuudha. Kanaaf, hariiroo hawaasichaa cimsuun oomisha qonnaa isaanii kan guddisu ta'uun bira gahamee jira.
- Afwalaloon yeroo qonnaa dhiyaatu hawaasicha kan barsiisuufi kan bashannansiisu yoo ta'u, innis hawaasichaaf ergaa nageenyaa, jaalalaa, badhaadhinaa,wal hubachuu,wal

kabajuu, waliin jiraachuufi tokkummaa hawaasichaa cimsuun kaka'umsaafi tattaaffii hojiif akka qabaatan isaan kan taasisu ta'uun hubatamee jira.

- Gara biraatin immoo akkuma bu'aa qorannoo kanaatirraa hubachuun danda'ametti hawaasichi afwalaloodhan sangoolee faarsuun ergaa kan dabarfatu ta'uudha. Innis, namoonni sangoota isaanii kunuunsuu akka qaban yoo ta'u kanuma keessatti fedhii isaaniifi yaada wal gorsuu yookin walqeequu kan dabarfatan ta'uun hubatamee jira.

## 5.3. Yaboo

Yaboon qorannoo kanaa argannoo bu'uuraa irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti ibsameera. Gamtaan hojii qonnaa hojjechuu keessatti hawaasichi afwalaloowwan hojii dhiyaatan maalfaa akka ta'e, akkamitti akka dhiyaataniifi maaliif akka barbaachisan hawaasichi ijoollee barsiisuun hubannoo keessatti uumuun qajeelchuudha.

- Waajjirri Aadaafi Tuurizimii, barsiisonni afaan oromoofi qaamni dhimma kana ilaalu biroon waliin ta'uun afwalaloo hojii qonnaa sassaabuun bifa dookumemteriifi barreeffamaan osoo kaa'anii dhaloonni haaraan akka irraa baratu taasisanii gaarii ta'a.
- Dhaloonni amma jiru humna baratan waan ta'eef dhiibbaa kallattii adda addaan afwalaloon akka dagatamu taasisan mara hubatanii itti fufsiisanii guddina dinagdee fi hawaasummaa uummatichaaf gahee guddaa kan qabudha.
- Dabalataanis dhalootni ammaa afwalaloo hojiis ta'ee afoola biroo beekanii aadaafi eenyummaa saba isaanii ittiin ibsachaa dhaloota biroof osoo dabarsanii gaarii ta'a.
- Walumaagalatti afwalaloo hojii cimsuuf gargaaruun walqabatee kan jiru hawaasicha biratti gahee guddaa qaban kunuunsuun qaama tokko qofa osoo hin taane nama hunda waan ilaallatuuf namni qamiyyuu itti fayyadamuun tursiisuun gaarii ta'a.
- Gama qorannootinis mata duree kana irratti yookin kan kanaan walqabatu irratti qorattoota birootin gadi faggeenyan qorannoon gaggeeffamuun barbaachisaadha.

## WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa (2011). Akkamtaa: Yaadrimmee Qorannoo Hujoo (Concept of Applied Research). Finfinnee: Efficeincy Printig Press.

Alamaayyoo Gammachuu. (2022). Xiinxala Ergaa Afwalaloo Faaruu Loonii Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA): Ynvarsiitii Finfinnee.

Asafaa Tafarraa. (2009). Eela, Seenaa Oguma Oromoo.Finfinnee Printing by Far East Trading PLC.

Bayyanaa Leggasaa (2016),‖Qaaccessa yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu looniiǁ.waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa‘e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Brunvand Methewos. (1979). Reading in American Folklore: New York: NewYork University Press

Bukenya A. (1994). Understanding oral literature. Narobi: Narobi University Press.

Dastaa Dassaalany, (2011). Waadaa: Asoosamoota aartii biroo waliin. Finfinnee: dhaabbata maxxansaa biraanaa

Dirribii Damusee. (2012). Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi SeenaaOromoo: Finfinnee.

Dirribii Damusee.(2015).Seenaa Eenyummaa Oromoo: Max.3ffaa.Elleni. Pp: Plc.

Dorson R. (1972), Folklore & Folklife: An Introduction. Chicago, London: The University of Chikago University Press Ltd.

Dundes A. (1965).The Study of folklore. Berkley: Prentice Hall

Dundes, A. (1965), The Study of Folklore in Literature and Culture: Identification and Interpretation. The Journal of American Folklore 78:227. Poe,

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). Subii: Bu’uuraalee Og-barruu Oromoo.Fifinnee: Subi Printing press.

Filee Jaallataa (2019), Malleen Qorannoo:ADP press.

Finnegan, R. (1970). Oral Poetry: its nature and significance and context. Cambridge: Cambridge University Press.

Finnegan,R. (1992),Oral Traditions and The Verbal Arts. London: Routledge.

Geetaachoo Rabbirraa (2013). Xiinxala Raawwiifi Afoola Jilawwan Sirna Gadaa Oromoo Jiillee.Yuunvarsitii Finfinnee: Waraqaa Qorannoo MA (Kan Hin Maxxamfamne).

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). Folkloristic: An introduction. Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press

Goldestin, Kenneth.(1964), A Guide for Field Worker In Folklore. Hatboro: Folklore Associates Inc.

Green, T.A.(Ed) (1997). Folklore: An Encyclopedia Of Beliefs, Customs, Tales, Music, And Art. United States of America.

Melakneh Mengistu. (2006). Fundamentals of literature. Addis Ababa: Commercial P.E

Misgaanuu Gulummaa. (2011). Dilbii. Bu‘uura Afoola, Ogbarruufi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee.

Mulugeetaa Nagaasaa. (2005). Raagoowwan Oromoo (Oromo Oral Narratives).Yuunivarsiitii Addis Ababa: Kan hin maxxanfamne

Neuman.L.W. (2007), Basic Social Research.Qualitative and Quantitative Approaches (2nd.Ed) Bost Peason Edu Cailiral Ic.

Nuuraddiin Ibraahim. (2020). Qubee Harmee. Kitaaba Gabbina Barnoota Afaan Oromoo. Finfinnee: ESAYAS General Trading & Printing.

Okpewho, Isidore (1992), Africa Oral literature: Back ground,character and continuity Bloomington and Indianapolis:Indian University press.

Oring, E. (1986). Folk group and folklore generes. An introduction logan Utaha: Utaha university press.

Seefuu Taaddasaa (2008), Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa. Waraqaa qorannoo digirii Lammaffaa guuttachuuf qophaa‟e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Seenessaa Nagaashuu, (2020), Qaacessa Afwalaloo Seenaa Badhaadha Dilgaasaa Waamii: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA): Ynvarsiitii Finfinnee.

Sesan, Azeez Akinwumi. (2014). Khazar Journal of Humanities and Social Sciences Vol 17, №2, Yoruba Folktales, the New Media and Postmodernism. Al-Hikmah University, Nigeria

Sims, M.C. & Stephens, M. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. The Ohio State University: Utah State University Press

Soofiyaa Siraaj. (1999). Afoola Wiirtuu Jildii 7. Finfinnee: Mana Maxxansaa Artiistikii.

Tashooman Tolaa. (2021). Xiinxala Afwalaloo Sirba Wadaajii Oromoo Salaalee Aanaa Hidhabuu Abootee. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA): Ynvarsiitii Finfinnee.

**Dabalee: Gaaffilee Afgaaffifi Marii Garee**

1. Gosoonni afwalaloo yeroo hojii qonnaa maal maal fa'a?
2. Afwalaloon yeroo daboo hojii qonnaa haala akkamii irratti dhiyaata?
3. Afwalaloon hojii qonnaa barbaachisummaan isaa maali?
4. Afwalaloon yeroo qonnaa sangoota faarsuufi namoota kakaasuf oolu haala akkamii keessatti dhiyaata?
5. Afwalaloon hojii qonnaa keessatti dhimmi itti bahamu ergaa maal fa'a qaba?